مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# إشكالية الاستبداد والفساد في التاريخ الإسلامي

د. عبد الحميد أحمد أبو سليمان

# *Seenaa Islaamaa Keessatti Rakkoolee Abbaa Irrummaa Fi Malaammaltummaa*

**Qopheessaan:**

*AbdulHamiid Ahmad Abuu Suleeymaan*

**Hiikaan:**

*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

# إشكالية الاستبداد والفساد في التاريخ الإسلامي

## د.عبد الحميد أحمد أبو سليمان

# Seenaa Islaamaa Keessatti Rakkoolee Abbaa Irrummaa Fi Malaammaltummaa

*Qopheessaan:-*
AbdulHamiid Ahmad Abuu Suleeymaan

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C**

**DF-E-TrBs 17/32**

**Baafata** **fuula**

**Seensa…………………………………………………………...3**
**Rakkoo Abba Irrummaa Fi Malaammaltummaa………....4**
GaheeWalitti Makuu Fi Addaan Baasuu………………....5
HariirooAbbaa Irruummaa fi Malaammaltummaa……….8
HubannooQur'aanaa……………………………………15
Gahee fi Dirqama Addaan Qoodamuu …………………21
Keessa Deebii Jechoota Xiinxalla Islaamaa……………..24
MootummaaIslaama kan Ummataa……………………..30
AdeemsaHaaroomsaa…………………………………...41
**Ijjannoo Sochiilee Gareewwan Isalaamaa Ammaayyaa Irraa Eeggamu……………………………………………....50**
Kallattii Hooggansaa Kaayuu…………………………...50
Da'awaa Fi siyaasa ……………………………………..57
Ummanni Amaanaadha…………………………………63
Paartiilee Garee Siyaasaa Jechuun Maalidha? …………65
Muuxannoo Biyya Turkii Akka Fakkeenya Gaari…..….69
Da'awaa Fi SirnaHaaroomsa…………………………...71
Garaagarummaa Bulchiinsa Islaamaa Fi Bulchiinsa Libiraalistii……………………………………………75
**Xumura…………………………………………………...85**

**Seensa:-**

Ijollummaa kiyya irraa magaalaa *Makkaa* keessatti dhaladhee ergan guddadhee wantoota na rifachiisan keessaa, garaa garummaa seenaa dhaloota duraanii yoon dubbiisuufi wanta yeroo ammaa kana jidduu jiru arguudha. seenaa dhaloota sahaabaa fi milkiiwwan isaan adduunyaaf gumaachan akkasuma dhaloota ilma namaa keessatti qarooma gurguddaa adduunyaa kan argamsiisaniifi wantayeroo ammaa argu, dhaloota keenyakan biyyoota Islaamaa hedduu keessa jiraatuun wal-biraa qabee yoon ilaalu,garaagarummaa guddaatu jira.

Ummanni Islaamaaosoo addaa addummaa afaanii, bifaa fi sanyii qaban gara Makkaatti dirqama *Hajjii*raawwachuuf dhufu. kana iraa ka'uudhaan umrii kiyya guutuu wanti na yaachisu yoo jiraateinni duraa; rakkoo wal-hubachuu dhabuu ummata Islaamaayoo ta'uu, kan lammaffaa rakkoo haaromsuuti. kanatu jiruu koo guutuu sammuu na injifate.

Kabajamtoota duubbistootaa, kitaabni isin amma dubbistan kun dalagaalee hedduu keessaa isa tokko. Kitaaba kana keessatti imala ummata Islaamaa, Sababaisaanii fiqaroomni isaanii gufateeummata dadhabaafi tuffatamaa itti ta'anii fidadhabinna sirna bulchiinsaa fi dhaabbilee isaanii ibsuuf yaaleen jira. Seenaa sirna siyaasaa ummata Islaamaa keessatti, wantoonni gara abbaa irruummaa fi malaammaltummaatti nama kaasan jiraataniis bu'uurri amantiiIslaamaawal-qixxummaa fi haqqummaadha.

Biyyoota Islaamaa hedduu keessatti, Sochiilee fi mormii sirna abbaa irrummaa fimalaammaltummaa irratti dargaggoonni Muslimaa godhan  irraa ka'uudhaan,imala kana jabeessuu fi dogongorridur ture akka hin deebine akkasumas sochiin sirna haaromsaa kunakka hin gufanne godhuuf  waan dandeenyeen yaalii fi hirmmannaa guddaa taasisaa jirra.

Akka Rabbi ummata Islaamaafi dargaggoota isaanii waan isaan gaarii fi qajeelaa ta'e isaan qunnamu fi akka isaan milkeessukadha.Qarqaarsi fi milkiin Rabbuma irraayi,Rabbiin waan hundayyuu danda'aa dha.

**Rakkoo Abba Irrummaa fi Malaammaltummaa**

Qur'aanni kabajamaan hubannoofi bu'uura sirni dhaabbileen hawaasummaa iratti ijaaramuu qaban ibsuudhaan, dhaloota ilma namaaf qajeelcha guddaa ta'eefii jira.Toftaalee fi mala ittiin gara hojiitti hiikkaniin immoo,jijjiirama haalaa yeroo fi bakkaa,sadarkaa barumsaa fi beekumsa namaatii fi sadarkaa guddina qarooma ilma namaatiif dhisee jira.

Yeroo as gabaabaa kana hubannoon xinxallitoonni Muslimaa hedduunirra gayan, mariin(shuuraan) dhaaba siyaasaa fi hawaasummaa hedduu barbaachisaa ta'eedha. Mariin kun,gorsa bulchaadhaaf laatamuu mitiykn kabaja bulchaan namaa kennuu mitii.Bifa kanaan hiikkaa marii dhiphisanii laaluun bulchiinsota abba irreetiif karaa banuu ta'a. Kana irraa kan ka'ee yeroo ammaa kana mariin ummanni Islaamaaitti amanamummaan murtii ofii ittiin dabarsuu fi bu'aalee jiruu hawaasummaa isaa ittiin kabachiisu hinjiruu.

Kana ta’uun immoo, kufaatii qaromina ummataatiif karaa banee, ummaticha gabrummaa fi dadhabinaaf saaxilee jira.Kun immoo dhaabbilee marii kana akka deebisnee ijaarru fi siyaasaa ummata Islaamaa keessatti bifa yeroo fi dhugaa battalaa wajjiin deemuun akka hojii irra oolchuu qabnu nu dirqa.

Sirna mana marii Islaamaas ta’ee wantoota hedduu Qur’aana keessatti dhufan hubachuuf as irratti kan baay’ee barbaachisu, Qur’aana kabajamaa irra deebinee sirritti dubbiisuu fi xiinxaluudha. Kunis sirna hawaasummaa fi siyaasaa ummata Islaamaabifa ammayyaa fi diimokraatawaa ta’ee uumuuf nu gargaaran keessaa; dhaabbilee da’awaa fi barsiisummaaakka fakkeenyaatti kaasuu ni dandeenya.

**Gahee Walitti Makuu Fi Addaan Baasuu**

Xinxallitoonni Islaamaabifa gahaa ta’een gaheewwan hedduu ergamaan rabbii (SAW) jiruu isaanii keessatti bahaa turan hubachuu hin dandeenne.yeroo tokkotti akka ergamaa fi nama wahyiin itti bu’uu, daa’ii (karaa rabbiitti nama waamaa) fi barsiisaa, hooggana fi ijaaraa biyyaa (uummataa) ta’anii tajaajilaa turani. Erga ergamaan Raabbii (SAW) du’anii booda gaheen isaan bahaa turan kana nuti Muslimtoonni adda addaan baasnee kaayuu qabana.

Gaheen nabiyyuumma fi xalayaaummatatti geessuu du’a ergamaa Rabbiitiin xumurame. Haata’u malee gareen Suufiyyaa fi Shii’aa gaheen kun akka itti fufiinsa qabaatuuf irratti hojjataa turuun karaamaa*Sheekkotaa fi Awliyyoota* guddisuu fi badii irraa jara qulqulleessuu kun akka itti fufu godhuu danda’anii jiru.

Ga'een daa'ii fi barsiisummaa gahee bulchiinsaa,abbaa taytaa fi dhaabbilee siyaasaa irraa addaan bayee kaayamuu qaba. Abbootiin taaytaa fi bulchiinsonni paartiilee siyaasaa sangantaa siyaasaa,diinagdee fi hawaasummaa bakka bu'anii argamuu danda'uu qaban.

Kana irraa kan ka'e, gaheen dhaabbilee *da'awaa* gahee dhaabbilee siyaasaa fi koree hojii raawwachiiftotaa irraa addaan bahuu qabu. Kunis kabaja hawaasa Muslimaa fi bu'aa isaanii eeguudhaaf qarqaara. Yoo amantii *(Diini*) fi siyaasa addaan hin baasin, amantii dahoo gdhachuun namoota gowwoomsutu argama.kunis gara abba irrummaa fi malaammaltummaatii nama geessa.Ilmi namaa uumamumaan dadhabaa yoo ta'uu bakka too'annaa fi hordoffiin hin jirretti daraan dadhabaa ta'ee argama.

Hayyoonni *salafaa* tokko tokko hubannoo gahee ergamaan Rabbi (S A W) ittiin dhaabbatanhedduu isaanii hubatanis garuu garaagarummaa gahee, xalayaa geessuu fi gahee bulchiinsa qajeelatti addaan baasanii beekuu hin dandeenye.Akkasuma garaagaruumman ga'ee nabiyyummaa, ga'ee da'awaa fi barsiisummaa ifatti baasanii hin beeyne. Sababoota jijjiirama haalaa fi wantoota dhaalaan gara dhalootaatti darban akkasuma rakkoolee hawasummaafi siyaasa erga ergamaan Rabbii du'anuumamanii fi kufaatii sirna *kilaafa*a Islaamaaakkasuma ilaalchi gosummaa fi naannummaas uumamee jira.

Kun immoo aadaan biyyuummaa fi lammummaa akka babal'atu fi sirnoonni abba irrummaa fi malaammaltummaa

dantaa mataa isaaniitiifi bu’aa namoota isaanitti dhiyaatanii qofaafhojjatuakka faca’uuf sababa guddaa ta’ee jira.

Wantoonni armaan olitti dubbaanne kun hoggantoota fi xinxaltoota mana barumsa *Madiinaa* sirna bulchiinsaa irraa fageessuudhaan gara barsiistotaa, hojjattootaa fi gargaartotaatti isaan jijjiire. Kana bira darbee garee bu’aan isaanii bu’aa warroota biyya bulchanii fi siyaasaa gaggeessaniitti hidhata qabu uuman.

Kanaan booda hubannoo Isalaamummaan sirana bulchiinsaaf qabdu siyaasaa irraa fageessuudhaan kayyoon abbootii siyaasaa fi kaadireewwan isaanii akka fiixa bayu taasisee jira. kunis akkaa abbaan irrummaa fi malaammaltummaa uumamuuf shoora guddaa taphata.

Xinxaltoota, Hayyootaa fi beektonni Islaamaasirna ammayyaa kan hin taaneefi ge’ee isaan sirna hawaasummaa fi siyaasaa keessatti qaban akka yaada dhuunfaa fi irra keessaatti qabataa turaan. Kunis dadhabina xiinxalaa fi shaakalaayoo ta’u, rakkoo bu’aa bahii jireenyaa fi dhiibbaa yerootiin wal-qabatee hayyoonni fi beektonnii Islaamaaakka yeroo ergamaan Rabbii jiraniitti shari’aa Islaamaahojii irra oolchuu qabna jedhan. Ajajaa fi gorsa ummata dhaloota ergamaa Rabbiitiif dabarfame akkuma jirutti hojii irra oolchuu qabna jedhan.

Kanaaf heddduun isaanii jechoota Qur’aana keessatti dhufan akkuma jirutti qabatani; osoo hubannaa, ergaa fi kaayyoolee shari’aaQur’aana keessatti dhufanii hin laalin hojii irraa ooluu qaba jedhanii amanuu, jechoonni qur’aana keessaatti dhufan kan yeroo fi bakkaan murtaawaa qabanii miti. Jechoonni

Kun haaromsamanii fi hubatamanii jijjiiramaa fi gufuu hawaasummaa furuudhaaf akkamitti gara hojiititti hiikkamuu akka qaban xinxallaa hawaasummaa, diinagdee,siyaasaa bal'aa fi ifa ta'e barbaachisa. kunis kan gargaaru *hikmaa*ergamaan Rabbii(SAW)hubannoo fi kaayyoo waliigalaa; haala yeroo fi bakkaa qajeelatti hubachuudhaafi.

Halli armaan olitti dubbanne kun xinxallaa Islaamaa keessatti kan beekkamuun haala akkeeffannaafi balbala hubannoo cufuu jedhamee beekkama. Yeroo kana irraa ka'ee hubannoon amantii Islaamaakan beekkamuun jechoota Qur'aanaa fi *fiqhii* akkuma jiranitti qabachuun keeyyatoota Qur'aanaa fi hambaalee fiqhiitti dhimma bayuu keessatti bira kutuu, kabaja keeyyatootaa kana dawoo godhachuu akkasuma dubbii jajjabeessu dha. Wantoonni kunii fi kana fakkaatan shoorri amantiin siyaasaa keessatti qabu akka tuffatamu taasisee jira. Kunis abbootiin siyaasaa haala dogoggora ta'een malaammaltummaa fi abbaa irrummaa isaanii babal'ifachuudhaaf gargaaree jira.

### Hariiroo Abbaa Irruummaa fi Malaammaltummaa

Abbaan irrummaa fi malaammaltummaan hariiroo cimaa qabu. Akkuma beekkamu abbaan irrummaa karaa aangootiin kan dhufuu fi ol-aantummaa isaa kan murteessuun hawaasa gowwomsuu fi uffata jaalala biyya uffatee argamuudhaani. Karaan salphaan abbootiin irree ummata dadhabsiisuu fi shororkeessuun murtiilee kophaa isaanii ittiin fudhatan: siyaasaalee hawaasa dadhabsiisan fi hubannoo isaanii ajjeessan hordofuu,aadaa fi duudhaa biyyaa, shoora dhaabileen barnootaa,

dhabbileen sirna ittiin bulmaataa, gaazixeessitootnni fi dhaabbileen bu'aa hawaasaa eeguu danda'an qaban laaffisuudhaani. Gochoonni akkanaaKun ummanni Islaamaageengoo cufaa keessaa bayuun hedduu ulfaataa ta'e keessa akka galu taasisee jira.

Hubannoon xiqqaachuun abbaa irrummaafide, abbaan irrummaa malaammalttummattii nama geessa. Itti aansuudhaan wallaalummaa, hubannoo dhabuu, namaaf jilbiifachuu fi sujuuda bu'uutti nama geessa. kunis Hogganummaa fi dura bu'ummaa ummanni Islaamaa ittiin beekkamusunbadee haala nama gaddisiisuun yeroo ammaa kana hawaasni Muslimaa rakkoo kana keessatti kufee fi rakkatee argamaakka hafu taasisee jira.

Kanaaf, hawasni Muslimaa sirna jiruu fi guddina qarooma isaanii eeguudhaaf dhabbilee hubannoo hawaasaa dabalan jalqaba irratti ijaaruun dirqama. Mootummootaa fi kaadireewwaan isaanii akka aangoo dhaalaan walii hin dabarsiinee fi malaammaltummaa hin raawwanne dura dhaabachuudha. Akkasuma mootummoonni ummata akka hin dadhabsiifnee fi ol-aantummaa irratti hin arganne godhuun dirqama hawaasati.

Bakka hubannoon ga'aa fi walii galteen hin jireetti, akkasuma bakka guddisa ijoollee haala gaariinhin guddisnee fi hin qopheessinetti abbaa irrummaa fi malaammaltummaa balleessuun hin danda'amu. Yoo kuni hin taanee hawaasni Muslimaa ga'umsa sirna siyaasaas ta'ee bu'aa fi mirga isaa kabachiisuu hin danda'u.

Hariiroon abbaan irrummaa fi malaammaltummaa waliin qaban tokko kanaaf akka haala mijeessuu taasisa. Jiruu hawaasa muslimaa keessatti geengoon tun cabuu kan dandeettu ummannii musliimaa xiinxaltoota,barsiistota fi haaromsiistota Islaamaatti yoo gargaarsifatee qofaadha. Xiinxaltootaa fi hayyoonni Islaamaa karoora jireenya ummataa kan bocaanii fi qulqulleessan akkasuma guddina dhalootaa fi dhaabbilee barnootaa, da’awaa, miidiyaa, siyaasaa, hawaasummaa, diinagdee fi qabeenya deebisanii ijaaruu keessatti gahee guddaa qaban.

Aangoon biyyaa guutumaan guututtii harka ummataatti yoo hin deebi’in hayyoonni, barsiistonnii fi haaromsiistonni muslimaa yaanni isaanii guddaan qarooma deebisanii ijaaruu, imaammata barnootaa cimaa uumuu, imaammata barrnootaa bocuu, aadaa qulqulleessuu fi dhaabbilee hawaasummaa cimoo ijaaruu yoo hin danda’in guddinnii fi jijjiiramni hawwamu dhufuu hin danda’u.

Yeroo bakka buutota (kaliifota) gurguddoo *Abuubakari al-Siddiiqii fi Umar ibni al-Kaxaab*, akkasuma yeroo jalqaba kaliifaa *Usmaan* Rabbiin isaan hunda irraa haa jaalatuu osoo gahee da’awaa, guddinaa fi barumsaa, gahee aangoo fi bulchiinsaa irraa addaan hin baasin milkiin dhufuu kan danda’eef haalli sirni bulchiinsaa fi warroonni biyya bulchanii qulqullummaa fi wal-qixxummaa irratti kan hundaahee ta’eedhaani. Kanaaf sirni bulchiinsa kaliifota Islaamaaakka sirna bulchiinsa yeroo nabiyyiitti ta’uu dandahee jiraa.

Waahillan ergamaa Rabbii (SAW) gariin erga du'anii fi kan hafan umrii isaanii guddaa ta'uu waliin haalli namaa fi yeroon isaan keessa jiran hedduu jijjiiramaa dhufee jira. Akkasuma daangaan biyyaIslaamaabaldhachaa dhufuudhaan; jijjirama siyaasaa, jijjiiramaa sirna bulchiinsaa, namoonni hedduun amantii Islaamaa fudhachuutiiniifi irra caalaan hoggantoota waraanaa gosoota Arabaa irraa ta'uun;sababa gurguddoo impaayeroonnii hedduun diinummaa biyya Islaamaaf qaban keessaa akka fakkeenyyaatti kaasuun ni danda'ama.sababoota kanaa fi kan kana fakkaatuun sirna bulchiinsa Islaamaakeessatti erga nabiyyiin Rabbii du'anii dogoggora, jijjiramaa tokko tokkoo fi daangaa amantiin daangessitu darbuun uumamuudanda'ee jiraa.

Haalli ilma namaa silaa ta'uu kan qabu bakkaa fi yeroo kamittuu erga rasuulli Rabbii (SAW) du'anii booda amantii qabachuu, bu'uura isaa hordofuu fi qajeelfama rasuulli Rabbii (SAW) biyya bulchuu keessatti dabarsan hordfuun dirqama nama hundaa ture. Kana jechuun namni hundi ykn hawaasni musliimaa walumaa galatti hanga danda'ameen *diin* Isalaamaa fi bu'uura isaa qabaachuu, karaa rasuulli Rabbii (S AW) kaayyoo fi xalayaa diin Islamaa ittiin fiixaan baasuuf hordofan, qabatanii fi nuuf dhaaman akkuma jirutti yeroo fi bakka kamittuu hanga danda'ameen hordofuu qabna. Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha.

فَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ مَا ٱسۡتَطَعۡتُمۡ ﴿١٦﴾ التغابن: 16

*"Hanguma dandeessan Rabbiinsodaadhaa" (Attgaabun:16).*

Akkana jechuunwantoonni Nabiyyiin Rabbii (SAW) yeroojiran raawwatan erga isaan du'anii akkuma jirutti itti fufa jechuu miti. Wantoota akka yaada walii galaa fi muuxannoo jiruu, kaayyoo fi kaaya muslimtootaa fiixaan baasuu danda'an jechuu muslimoonni hundi, beeektonni, xiinxaltonnii fi warri muuxannoo qaban mirkaneessan yoo ta'an malee. Ummatni Islaamaawanta isaan fayyaduu fi haala jiruu isaanii ittiin fooyyessuu danda'an uumuu qabu. Garuu yoo akkuma jiruttti wallaalummaadhaan ija qabatanii jijjiirama tokko malee yeroo nabiyyii Rabbii sana kan hordofnu ta'e qaroomni yeroo sanii kan namni uumee fi haala yeroo inni keessa jiru saniin kan wal-madaaluu fi wal-fudhatuun yoo ta'uu, haalaa fi amala yeroo eeggatee kayyoo isaanii fiixaan baasuu hin dand'u jechuu ta'a (jijjiirama bakkaa fi yeroo wajjin hin deemu jechuu ta'a).Qaroomni kamiyyuu dandeettii ilma namaa fi gufuu jiruu fi jireenyaa ilma namaa irratti hundaa'ee yeroo gara yeroottii jijjiiramaa, fooyya'aa fi babaldhataa dhufa.

Sababa gochoota adda addaa, dhiphina mallaqaa fi qaroomaa irraa kan ka'e wantoonni hedduun osoo hin uumamin hafanii jiru. Wantoota sanneen keessaa akka fakkeenyaatti fudhannee yoo ilaalle, gahee Nabbiyyiin Rabbii (SAW) ummata Islaamaabulchuu fi hoogganuuf itti fayyadamaa turan osoo addaan hin baafne akkuma jirutti qabachuudha. Kuni ta'uu dhabuun xumura hooggantoota Islaamaa(*kulafaa'u al-raashidiin* ) irrattii rakkoolee bulchiinsaa, siyaasaa fi aangoo irraatti waldhaansoon gaddisiisaan uumamee ture.

Sababni guddaan waldhaansoon kuni uumameef hubannoon gosummaa fi naannummaa waraana Islamaa keessa waan seeneefi. Bifa armaan olitti dubbanne kanaan yeroo *kulafaa'u alraashidiin* sirni hooggansa Islaamaacimaa fi qajeelaan xumurame. Gufachuun qaroomina Islaamaa fi Islaamummaa Yeroo kana irraa jalqabee hanga kufaatiifi tuffatamuu yeroo ammaa keessa jirru kanaatti gahuu danda'ee jiraa.

Gosummaan, Naannummaanii Fi Sanyiin wal-qoqqooduun erga mootummaan *Umawiyyootaa* dhaabbate jalqabe.Yeroo kana irraa eegalee seena Islaamaa keessatti abbaan irree muldhataa dhufee jira. Kana booda miidhaanii fi malaammaltummaan saalfii tokko malee akka baldhinaan faca'u taasisee jira.

Hariiroo abba irrummaa fi malaammaltummaa balleessuun kan danda'amu yoo hubannoon ummataa dabale qofa. Kun kan jalqabuu guddisa ijollee bifa gaariidhaan hubannoo irratti yoo guddisnee fi haalaa amala haadhaafi abbaa akka amantiin jettutti gaarii yoo ta'ee qofa. Akkasumas dhaabbileen barnootaa, da'awaa fi guddisaa daa'immanii bilisaan addatti ijaaramanii hooggansi dhaabbilee kanaa kallattiidhaan ummataan yoo too'atamedha. Kunis hayyoota gurguddoo ijaaranii baasuu fi aadaa barumsaa guddisuu irraatti qooda guddaa qaba.

Diinagdee ummata muslimaa bifa amantiin Islaamaa jedhuun eeguudhaaf qabeenya fi bu'aa hawaasa muslimaa akka warra taaytaa fi siyaasaa akkasuma kaadireewwan isaanii harka

hin galle gochuun dirqama nama hundaati. Amala Kaadireewwaan mootummaa abbaa irree keessaa ummata dirqamaan fedhii mootummaa jalatti akka bulan taasisuu, mootummota waliin waadaa walii seenanii bu'aa ofiitiif jecha mirgaa ummataa dhiibuudhaan harka mirga mootummaa ta'uun hawaasa irratti miidhaa geessu fi k k f niidhaa.

Hubannoo hawaasni qabuu fi itti gaafatamummaan tokkoon tokkoo namaa fudhatuun,akkasuma gahee fi gatiin amantiin Islaamaabulchiinsa keessatti qabdu raggaasisuun, qaamoolee mootummaa ajajuu fi kaadireewwaan isaanii yeroo gara yerootti hordoffii cimaa taasisuun, karaa abbaan irrummaa, malaammaltummaa fi malaammaltoota ittiin xiqqeessan keessaa isa tokkoodha. Kunis akka hawaasni hin miidhamne, mirgii namaa akka hin dhiitamne, qabeenyi ummata akka hin bannee fi sirni bulchiinsaa Islaamaaakka qajeelee deemu taasisa. Bifuma wal-fakkaatuun fedhii hawaasaatiif awwaachuuf, dhaabbileen tajaajila ummataa bifa gaariin socho'uuf, humna waa uumu, oomishuuf, abbootiin taaytaa fi siyaasaa yeroo hunda hawaasatti hirkachuu fi hawaasa tajaajiluu akka uumamu godha.

Erga nabiyyiin Rabbii (SAW) du'ani hawaasni muslimaa tasgabbii gahaa hinarganne. Sababni isaas ol-aantummaa abbootii taaytaa fi siyaasaa,beektotaa fi hayyoota Islaamaa jiruu siyaasaa irraa fageessuu fi gahee isaan hubannoo namaaf dabaluu keessaatti qaban xiqeessuu, akkasuma hayyoonni kun dhabbilee hawaasummaa akka ijaaranii fi guddisan hin eeyyamamu ture. Kanaaf hayyoonni, beektonnii fi xiinxaltoonni musliimaa waa'ee, siyaasaa, guddina jiruu, hooggansaa, fi

sunnaa ergamaa Rabbii akkuma jirutti qabachuuf dirqamanii jiru. Wantoonni armaan olitti dubbanne kunirra caalaan isaanii yeroo fi bakkaan kan murtaawanidha.

Beektota siyaasa irraa fageessuun qulqullummaa yaada hayyummaa isaan dhabsiisuu irra dabree rakkina dhuuunfaa keessa isaan galchee jira. Kunis Odola Arabaa keessatti dhimma guddoo du'a ergamaa Rabbii booda argamtedha.

Bu'aa sunnaa Nabiyyii Rabbii (SAW) akkuma jiruutti qabachuu kana irraa kan dhufan keessaa hayyoonnii fi xiinxaltooni musliimaa Qur'aanatti yaaddahuu fi isaa qabachuun xiqqaata dhufee jira. Qur'aanni hubannoo,gatii fi bu'uuraa Islaamummaa bakka fi yeroodhaan osoo hin murteessin bifaa guddinaa fi jiruu ilma namaa haala jijjiirama yeroo fi bakkaatiin kaayyoo xaalayaa Islaamaa  fiixaa baasuuf haala gaariidhaan kan ibsuudha.

## Hubannoo Qur'aanaa

Keeyyata kana keessatti aayaata Qur'aana lama bifaa gaariin ilaalla. Aayanni tun lamaan Dhaabilee da'awaa, guddina ijollee fi barumsaa amantii gara dhaabbilee hawaasummaa birootti dabaluu akka qabnuu kan ibsanidha. Dhabbileen kunniin dhabbileelee siyaasaa akka seera tumtuu, mana marii, mana murtii, dhabbileele hojii raawwachiiftotaa fi dhabbilee biraa wajjiin wal qixaa  ta'anii yeroo dheeraa irraa ijaaramuu kan qaban ture. Dhaabileen da'awaa, guddinna ijoollee fi barumsaa

amantiibilisa ta’anii akkuma dhaabbilee biraa of danda’anii gahee isaani bahuu qaban.

Kana taasisuuf gaheen dhabbilee maatii da’awaa, hubannoo, guddiina ijoollee fi barumsa amantii kayyoo fi kaaya isaa guutuuf cimanii tattafachuu qaban. Kan fiixaan baasuuf wal-tuffachuu fi Dhaabbileen da’awaa, guddina ijollee fi barumsaa amantii dhaadannoo keessaan qullaa ta’uu hin qabuu. Yookaan hubannoo dhaabbilee kanacidhaa fi moolidaa irratti gabaabachuu hin qabu. Akkasuma dhabilee kana yaada abbootii taaytaa qarqaaran fiixaan baasuuf itti fayyadamuu hin qabnu.

Akkas ta’ee argamnaan wal-dhaansoon abbootii siyaasaa fi amantii jidduutti uumama. Kunis amantii maqaa balleessuu fi qulqullummaa isaa xureessutu dhufa. Namoonni akka amantaa Islaamaajibbanii fi sodaatan taasisa. Karaa birootiin xiinxaltoota muslimaa afaan qabuu, sammuu hayyoota dooffisuu fi kaayyoo abbootii siyaasaa fi bu’aa isaanii akkasuma bu’aa kaadireewwan abbootii taaytaa fi miidhaan isaan geessan akka babaldhatu taasisaa.

Keeyyatoonni Qur’aanaa lamaan isaan jiruu hawaasummaa fi siyaasa amantii Islaamaaqajeelatti ibsan yookan hubannoon amantiin Islamaa jiruu hawaasummaa fi siyaasaaf qabdu bifaa gaariin akka armaan gadiitti ibsaniiru.

وَلۡتَكُن مِّنكُمۡ أُمَّةٞ يَدۡعُونَ إِلَى ٱلۡخَيۡرِ وَيَأۡمُرُونَ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَوۡنَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِۚ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ١٠٤

آل عمران: **104**

*“Gareen gara toltuutti nama yaamtee hamtuu irra nama dhorgitu,waan gaaritti nama ajajdu isin irraa (hawaasa*

*muslimaa irra ) haa jiraatu, gareen suun warra milkiiti" (Aala Imraan: 104).*

Jechiummaa (أمة) jettu tun garee ykn jiila ykn afaan hammayaatiin dhaaba of danda'aa tokko jechuu dha.

وَمَا كَانَ ٱلْمُؤْمِنُونَ لِيَنفِرُوا۟ كَآفَّةً ۚ فَلَوْلَا نَفَرَ مِن كُلِّ فِرْقَةٍ مِّنْهُمْ طَآئِفَةٌ لِّيَتَفَقَّهُوا۟ فِى ٱلدِّينِ وَلِيُنذِرُوا۟ قَوْمَهُمْ إِذَا رَجَعُوٓا۟ إِلَيْهِمْ لَعَلَّهُمْ يَحْذَرُونَ ﴿١٢٢﴾ التوبة : 122

*"Bakka tokkotti duuluun amantoota irraa kan eegamu hin taane. Garee hunda irraa maaliif murni tookko hin deemin/hin duulin. (kunis) akka amantii baratanii fi ennaa deebi'an ummata isaanii akka dinniinanuuf/gorsanuuf, akka (adabbii Rabbii) eeggatanuf"(Al-tawba;122).*

As irraa ka'uudhaan masjiinni muummee dhaaba da'awaa ta'uu qaba. Dhaaba kana jalatti Dameelee Da'awaa,Imaammata Barumsaa, Aadaalee Hawaasummaa fi amantiiIslaamaa, guddina barumsaa fi miidiyaa of-jalatti hammachuu qaba. Warroonni dhaaba kana hoggananii fi too'atan ga'umsa kan qabanii fi kallattiidhaan hawaasa musliimaa irraa kan filataman ta'uun dirqama. Bifa kanaan dhaabbilee hojii raawwachiiftotaas ta'ee qaamni mootummaa biroo dhaaba kana ajajuu fi aangoo irratti qabaachuu hin qabu.

Hawaasniabbaa taaytaa fi burqaa aangooti. Gaheen mootummaa fi qaamni hojii raawwachiiftotaa seera tumuu fi ajaja dabarsuu qofa. Bifa kanaan xiinxalla amantiidhaabbilee hawaasummaa raggaasifamuu, guddachuu, yeroo gara yerootti haaromsamuu fi dhabbilee biraa wajjiin wal qixa ta'ee burqaa abbaa irrummaa fi malaammaltummaa balleessuu keessatti

qooda guddaa qaba. Akkasuma qabeenya fi dinagdee hawaasa Islaamaa bifa gaariin eeguu biraa darbee dhaabbilee siyaasaa fi bu'aa bahii jireenya ummata Islaamaa deebisee ijaaruu ni danda'a.

Dhaabbileen da'awaa fi Barnoota Amantii Nabii Ibraahim duraanii –isiinis: mana waaqeffannaa Yahuudotaa fi Kiristaanotaati- bu'aan isaan ummataaf kennanii fi gaheen isaan bahuu danda'an kan amma yaadamuu ol-harka hedduun ni dabala ture. Garuu sababa amantiin kun yeroo fi bakkaan murteeffameef, akkasuma abbootiin amanta yeroo dheeraan duraa amantii kanattii yaada mataa isaanii dabaluu fi waan barbaadan osoo geeddaruu baatanii gaheen innijiruu ilma namaa keessatti qabu guddaa ture. Amantiin Islaamaas dogoggora uumame kana sirreesuu fi gahee amantiin qajeeltuma ilmaa namaatii fi gufuu jiruu ilmaa namaa waan hunda keessatti muudatan sirreesuufi.

Islaamummaan amantii xumuraati yoo taatu; amantiiwwaan darban hundaa irratti murteessaadha. Qur'aanni kabajaamaan kan Rabbi nan eega jedhee waadaa seene burqaa fi bu'uura amantii Islaamaati. Hirmaannaa hayyootaa fi beektotaa Islaamaa kanaan duraa hadiisa sirreessuu keessatti qooda guddaa qaban. Rabbiin akkaa waan amantiin alaa isaan amantiittihin daballe dogoggora irraa eegeenii ture. Qur'aanni kabajamaa fi hadiisni ulfaataan; ajajnii fi bu'uurri amanta Islaamaaisaan keessa jiruu dhaabbilee akka da'awaa, hubannoo, guddina amantii, aadaa Islaamummaa fi miidiyaa bilisaa ta'e ijaaruu keessaatti qooda guddaa qaban. Wanti asittii godhamu qabu;

Dhaabblee kanneen dhabbilee siyaasaa fi sirna bulchiinsaa irraa addaan baasuu dha.

Qur'aanaa fi hadiisa keessattii qabeenyaa fi diinagdee ummaataa akkamitti hannaa fi saamicha irraa tiksuu akka danda'amu qajeelattii ibsamee jiraa. Kunis karaa abbaa irrummaa, malaanmmaltummaa fi malaammaltoota ittiin balleessan keessaa isa duraati. Sirni malaammaltummaa fi abbaa irrummaa Seenaa siyaasaa uummata Islaamaa keessatti abbootii taayitaa fi sirna bulchiinsa biraatti itti fufee jiraa.

Sirni siyaasaa Islaamaa kufee kan mataan gadi deebi'e, yeroo haasofni amantii-beekaniis ta'ee osoo hin beeknee-ummataIslaamaa bal'aa akka waa hin hubanne, wallaalaa fi waa hin hubannettiyeroo fudhatamaniidha. Haasofniabbootii taayitaa fi siyaasaahojjatanii,isaan boodaan kaadireewwaan fi hojjatoonni isaanii akka beektootaa fi hayyootatti yeroo fudhatameedha.

Sababa kana irraa kan ka'ee beektonnii fi hayyoonni barumsa saayinsii baratan dhimma amantii fi hawaasummaa keessa seenuun babaldhachaa dhufee jira. Gaheen warra kanaa yaada kennuu, marii irratti hirmaatuu fi waan murtaa'e hojii irra oolchuu malee murteewwan siyaasaa dabarsuu miti. Murteen siyaasaa dhimmaa hawaasa baldhaati. Qaroomina ofii guddisuuf, bu'aa siyaasaa fi mirga isaanii kabachiisuuf ummanni tattaaffii taasisuu qaba. Dubbii kanaan ala waa walitti marquun faayidaa hin qabu.

Lallabbiin uummanni hubannoo gahaa hin qabu,akkasuma hawaasa keessa wallaalatu jira jedhanii

abbootiin taayitaa fi kaadireewwan isaaniilallaban lallabbii kijibaati. Sirna siyaasaa Islaamaa keessatti marii fi murteen siyaasaa haqa ummataati. Rabbiin (s w) akkas jedha.

وَأَمۡرُهُمۡ شُورَىٰ بَيۡنَهُمۡ ﴿٣٨﴾ الشورى: 38

*Dhimmi isaanii (kan ta'u) mariijidduu isaaniitiini."(Al-Shura:38).*

Dubbiin kunimurteewwan marii hojiitti jijjiiruu irraa garaagarummaa guddaa qaba. Hawaasa muslimaa biratti murtiiwwaan siyaasaa gurguddoon mariidhaan murteeffamu. Akka haala yerootti ogeessotatti qarqaarsifachuun rakkoo hin qabu.

Islaamaa wallaalaa fi hanqina qabdan jedhanii maqaa xureessuun tooftaa mirga ummatni murtii ofii murteeffachuu fi haala jiruu isaani too'achuu hin dandeenye irraa ittiin saamaniidha. Akkasumasabbaa irrummaa, malaammaltummaa fi malaammaltootaaf haala mijeessaa dhufa.

Osomaa ummanni bal'aan wallaalina fi dadhabina hubannoo siyaasaa, hawaasummaa fi murtiilee siyaasaa qabu jennee fudhanneeyyuu, rakkoo kana hiikuuf; ta'uu kan qabu dhaabbiilee barnootaa, guddisa ijoollee, dhabbilee qaroominaa fi miidiyaa daran daballee guddisuudha. Akkasuma sagantaalee da'awaa fi barnootaa babaldhisuun ummata amansiisuu fi fudhachiisuuf yaaluu qabna.

## Gahee Fi Dirqama Addaan Qooddachuu

Seena Islaama keessatti dhaloonni jaqabaa kitaabolee hammayyaa dhibbaan lakkawaman hedduu isaanii hin argine; waluumaa galatti suuta suutaan osoo hedduu hin ifaajin erga rasuulli Rabbii (S A W) du'aanii kan isaan beekan sochii hawaasaa fi siyaasaa isaanii ittiin oofataa turan Qur'aana kabajamaa fi wantoota rasuulli Rabbii (S A W) tartiibatti isaanii deebisan kan akka sirna mana marii hordofuu, wal qixxuummaa siyaasaa, haaromsaa, misooma namaafi lafaati.

Wantoonni kunniin bu'uuraa, kaayyoo fi ijjannoo amantii Islaamaati. Kan kana irraa hafee dhimmaa siyaasa, ogummaa fi dandeetti abbootii taaytaa irratti kan hundahuudha.dhimma kana Umar bin al-Kaxxaab dhabbee jira. Kunis jecha isaa **((ما ما ضرك يا ابن الخطاب ألا تعلم ما الأبُّ))**"Maaltu si mudate yaa ilma Kaxxaab? Abbii hin beektuu?" jechuun ibse. Kana jechuun jecha Rabbiin ol-ta'e kan

وَفَٰكِهَةً وَأَبًّا ﴿٣١﴾ عبس :31

***"Firiilee fi muduraa"*** jedhutti akeeka (Abasa: 31).

Kana Jechuun tooftaan dhimma hawaasaa ittiin hubatanii fi hajaa nama namaaf fixaniin kan akka ogummaa *fatwaa*(murtii) baasuu, abbaa murtii ta'anii namaaf murteessuu, siyaasaa fi murtiilee adda addaa raawwachiisuun dandeettii abbaa dhimmi isaa ilaaluu gaafata.

Dhimmoonnii amma armaan olitti dubbanne kun qajeelattii gadi bu'aani akka ogummaa tokkoottikan baratamuu qabaniidha. Akkuma ogeessi fayyaa fi seeraa biyyaa

baratanittibarachuun dirqama guddaa ta’ee argama. Dubbiin kun qajeelatti akka ifa bahuuf garaagarumma nama siyaasaa, aartii fi saayinsii dhimma qonnaa keessatti qaban addaan baasanii beekuudha. Fakkeenyaaf dhimma qotee bulaa keessatti hayyoonni siyaasaa wanti isaan yaachisuu qabu yoo jiraatee osoo murtii qonnaan walitti rarra’u tokkooyyuu hin dabarsiniin duratti haala walii gala qonna biyya sanii, akkasuma dandeettii fi hala qilleensaa biyyaa qajeelatti beekuun dirqama.

Oomishni kam akka lafa kanaaf ta’uu beekuu fi akkamitti akka facaafamuu, yeroo isaa, xaa’oo kam akkaa barbaachisuu, qotee bultootaaf qajeelfama barbaachisuu laatuu fi jajjabeessuuf kan akka yoom facaasanii, yoomhaamanii, yoomgabaa irraa oolchan jedhu haala qabtama siyaasaa, hawaasummaa fi dinagdee ummataa irraa ka’uun odeeffannoowwan barbaachisan kan qopheessu ogeessa qonnaati .

Fakkeenyi qonnaa kun jiruu hundaaf ta’uu ni danda’a. jechuun damee siyaasaa, falaasafaa, fayyaa, fiqhii fi seeraa birattis ni dalaga.Hawaasni bal’aanii fi dhiironni siyaasaa dhimma jiruu kan keessatti warra beekumsa ykn muuxannoo qabu miti jechuudhaan ummataa fi bakka buutota ummataa irratti murtiilee siyaasaa gurguddaa keessatti hirmaachuu diduun/dhorkuun hin danda’amu.

As irraatti wanti beekamuu qabuu yoo jiraate hariiroo xinxala siyaasaa fi hawaasummaa Islaamaa dhimma da’awaa fi barnootaa amantaa ilaalchisee qaama mootummaa (qaama hojii raawwachiftotaa) waliin qaban hubatuu barbaachisa. Gaaffilee

adda addaa kaafnee yeroo gubuu hin qabnu. Abbootii taaytaa, bu'aa isaanii fi bu'aa kaadireewwaan isaanii akka dhaabbilee amantaa, da'awaa, guddisa ijoollee, dhaabbilee barnootaafi miidiyaa irraatti ol-aantumma hin muldhifne taasisuu fi harka qabuun bu'aa qaba moo hin qabuu ? Sila dubbiin kuni mootummaa fi amantii addaan baasuudha moo, gara keessaatiin amantii fi da'awaaf haala mijeessuudhaan mootummaan akka amantii fi bu'uura isaa tuuffachuudhaan yookaan balleessuudhaan hin xureessinee, gara biraatiin amantii dawoo godhatee bu'aa ofiitii fi bu'aa dhaabilee siyaasaa ofiitiif akka itti hin fayyadamne gochuufi ?

Ummata Arabaas ta'ee Islaamaa hedduun isaanii dhaabbilee amantii, dhimma da'awaa, barnootaa, guddisa ijoollee fi aadaalee Islaamaa dhabbilee siyaasaa fi qaama mootummaa irraa addaan baasuu -keessuumaayyuu koree hojii raawwachiiftotaa-hangam akka barbaachisu qajeelatti hin hubanne. Dhimmi kun hawaasaa fi namoota baratan biratti dubbii wal-xaxaa ta'ee jira.Dhaabbilee siyaasaa fi da'awaa addaan baasuu jechuun amantaa fi mootummaa addaan baasuu jechuu miti.

kaayyoon guddaan dubbii kana irraa nu barbaannu abbootii siyaasaa fi kaadireewwan isaanii harka qabuu, fageessuu fi akka isaan amantii hin xureessinee, hin tuffatamnee fi maqaa hin balleessinee taasisuudhaafi. Akkasuma amantiin akka abbotii irree fi malaammaltoonni dawoo godhatanii itti hin fayyadmneefi. Kanaaf amantiibifa kanaanabboota taaytaa irraa

fageessuunii fi addaan baasuun ummata Islaamaaf tajaajila guddaa kennaa.

Dhabbileen bulchiinsaa hundi koree hojii raawwachiiftota qabatee mootummaadhaa mitii; dhaabilee sirna bulchiinsa mootummaa qarqaaran male. Hawaasni baldhaan siyaasaa biyyaa qajeelchuu, too'achuu fi biyyaa misoomsuu keessatti gahee guddaa qaba. Kanaaf aangoon mootummaan qabu kan ummata irraa kennameefidha. Kuni hubannoo amantaan Islaama mootii fi mootummaadhaa qabduu dha.

As irra ka'uudhaan, murteewwaan siyaasaa akka duraa duuba fedhii ummataatii fi muuxannoo Qur'aana kabajamaatiin murteeffaamu. Akkasuma seenaa darbee irraa barachuun, haalaa fi amala ilma namaa beekuun dhabilee siyaasaa, hawaasummaa, da'awaa, miidiyaa fi barnootaa deebisanii ijaaruuf nama gargaara. Kana hundaa wanti barbaachiseef amantii sirna bulchiinsaa keessaatii haala mijeessuudhaaf malee amantii siyaasaa irraa fageessuufi mitii. Kan fageeffamuu qabu abbootii taaytaa fi siyaasa amantiifi bu'uura isaa tuffatanii fi jibbaan yookaan amantaa bu'aa isaanii itti guutachuuf warroota tattaafataniidha.

**Keessa Deebii Jechoota xiinxala Islaamaa**

Yeroo amma keessa jiraannuu kana fi yeroo dhaloonni duraanii keessaa jirataa turan yoo wal-bira qabnee ilaalle waan hedduu keessaatti addaa addummaa baay'ee qaba. Kanaaf wanti hedduu barbaachisuu jechoota xiinxala Islaamaa akka walii galaatti; kan siyaasaa akka addaatti yeroo ummanni dhihaa

(Awrooppaa) dandeettii isaanii kan satalaayitii, intarneetii, bekkumsa addunyaa, teknoolojii, siyaasaa fi qabeenya isaanii fayyadamuun dargaggoota muslimaa hubaa jiranyaadachuu fi irra deebinee ilaaluun dirqama ta'a.

kunis kan ta'uu qabu ilaalcha walii galaa qaroominaa ummataa, jiruu fi jireenyaa hawaasa muslimaa asiin dura darbanii, sirna ittiin bulmaataa fi duudhaalee isaanii xiinxaluudhani. Ammas gahee rasuula Rabbii (S A W) bahaa turan xiinxaluunii fi hubannoo Qur'aanaa, kayyoo fi bu'uura amantiiIslaamaa, akkasuma dhaabbilee hawaasummaa fi ijarsa ummataa qajeelatti hubachuun dirqama. Sababni hubannoo kana barbaannuuf xiinxala ummaata duraanii, sirna bulchiinsa fi dhabbilee isaanii akkasuma dandeettii fi muuxanno isaan keessa turanii fi qarooma isaanii hordufuuf nu gargaara.

Kunis kan barbaachiseef xiinxala cimaa, haasawaa amantiiIslamaa haaromsuu fi bu'uura amantiiIslamaa ibsuufi. Akkasuma adda dureen(dhimmoonni dursi kennamuufii qabu) wal-duubeedhaan akkaa walittii hin laaqamneef, tasgabbiin islaamummaa akka hin boorofneef, haasofni, seeronnii fi dhaabbileen Islaamaa haala, yaada, bifaa fi jechoota yeroo kana hin ibsineen maramanii akka hin hafneefi. wantoota uumaan eeyyamtu garaagarummaa yeroo fi bakkaa eeguudhaan bu'uraa fi kaayyoo Qur'aana yeroo irratti hunda'uun hanga fiixaa bahutti dalaguudha.

Xiinxala siyaasa fi hawaasummaa Islaama hammayyaa yaadachuu fi irra deebi'anii ilaaluun, akkasuma dhaabbilee da'awaa, guddisa ijoollee, barumsaa, qaroominaa fi miidiyaa

qaama mootummaa irraa bilisa taate deebisanii ijaaruun, tarkaanfii guddaadha. Kunis hundee hubannoo siyaasaa fi hawaasumma Islaamaa qulqulluu ta’ee ijaaruuf qarqaara. Barnnoonni fi hubannoon gahaan wabii ummataa kan dhaabbilee seera ijaaruu fi sagantaa siyaasaa baasuuf qarqaaraniidha.

As irratti wanti qajeelatti beekuu barbaachisu yoo jirate; sagantaalee fi tartiibonni siyaasaa filannoo ummataa fi itti amanamummaa isaaniitiin haqamaa fi laaqama tokko malee yoo dhufan humna siyaasa jabaa fi filatamaa uuman. Filannoo fi wanta siyaasaan akkanaa of keessatti hammatu qabachuu fi hubachuuf hawaasa qarqaaruu qabna. sagantaalee fi tartiibonni siyaasaa, filannoo ummataa fi itti amanamummaa isaaniitiin hin dhufinii fi qaama ol-aanu irraa haqamaa fi laaqamaan guutaman bu’aa fi mirgaa ummataa eeguu hin danda’an. Siyaasaa akkanaa diiduu fi balaaleffachuu qabna. Garaagarummaan ummata dammaqina qabanii fi dadhabinna qabaniis kana.

Amantiin abbooti taaytaa fi koree hojii raawwachiiftotaa irraa fageessanii argamsiisuunkan dhufe ilmi namaa dadhabina qabaachuu,gargaluu fi hawwii isaaniitiif bitamuuisaaniiti. Akkuma biyyoota hedduu keessatti arginutti Jallachuun, hawwuu fi bololuun amala ilma namaati. Kana irra kan ka’e abbootiin siyaasaa diin irratti ol-aantummaa argisiisuun seenaa Islaamaakeessaattis ta’ee seena geggeessitoota amantii kiristaana biyya Roomaa keessatti; akkasuma seenaalee abbootii irree isaan dura darban yeroo Firoonaa fi motiiwwaan Parshiyaa keessaati ni muldhaata.

Amantiin karaa kaayyoo ofii ittiin fiixa baasuuf, nama dhiituun amala abbaa irrummaa fi malaammaltummaa ittiin facaasuuf fayyadamanii fi amantiin gara wal jaalachuu, haqa, toltuubu'uuraa fi kaayyoo ofii irratti hundahee nama waamuu garaagarummaa guddaa qaba.

Ummata hubannoo dogoggoraa fi imala jallataa irraa eeguuf gahee, yaadaa fi haasawaa walitti makuu irraa fageessuudha. Achi booda hubannoo amantiif qabnutu walitti laaqama. San keessaa akka fakkeenyatti Rabbiin waan Qur'aanaan hin dhooggine mootummaadhaan dhoowwaa. Kuni mootummoota ummata irrati ol taasisuu fi shoorarkeessuuf qarqaara. aqiidaan, hubannoon, ijjannoon, bu'uurrii fi amalli gaariin karaa da'awaa, barumsaa, malaan nama amansiisuu, waamicha gaarii fi mormii filatamaadha. Rabbiin qur'aana keessatti akkana jedha:

ٱدۡعُ إِلَىٰ سَبِيلِ رَبِّكَ بِٱلۡحِكۡمَةِ وَٱلۡمَوۡعِظَةِ ٱلۡحَسَنَةِۖ وَجَٰدِلۡهُم بِٱلَّتِي هِيَ أَحۡسَنُۚ ﴿١٢٥﴾

النحل: 125

*( Karaa Rabbii keetitti tooftaa fi waamicha gaariin waami , yoo mormitus mormii gaariin mormi ) (Al-nahil:125).*

Ammas Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

وَمَآ أَرۡسَلۡنَٰكَ إِلَّا رَحۡمَةٗ لِّلۡعَٰلَمِينَ ﴿١٠٧﴾ الأنبياء : 107

*(Yaa nabi muhaammad hoo) kan nuti si ergineef rahmata aduunyaaf haa gootu qofaaf) (Al-Anbiyaa'i:107) .*

Wanti asii olitti dubbanne kun, hunduu gahee mootummaa fi abbootii taayitaatii miti. Aangoo fi gaheen mootummaa fi nama dhiiga nama jiysee, horoo nama nyaatee,

kabajaa namaa tuqee fi yakkamtoota balleessanii daangaa darbanii da’awaan hamtuu irraa isaan dhoorguu dadhabe irratti tarkaanfii fudhachuufi adabbii dabarsuudha.

Kanaaf hundi keennayyuu Qur’aana akka walii galaatti Hadiisa akka addaatti waa hunda dura hubachuu fi kaayyoo isaa beekuun sirritti barbaachisaadha. Akka dogongora keessa hin seenne jechoota ergamaaRabbii iraa dhufan tarriiba nama isaan odeessee eeynee jechaa fi hiikkaa isaanii jijjiirama irraa bilisa ta’uu, haqamaa fi laaqama tokko malee beekuun dirqama. Akkasuma haala yeroo fi bakka jechoonni kun itti dubbataman eeguun dirqama.

Gaheewwan ergamaaRabbii (S A W) qofaaf karaa ta’an kan nama biraatiif hin oolle addaan baasuun bareeda. ErgamaanRabbii (S AW ) ergamaa yeroo fi bakkaan hin hin daangeffamninii fi daa’ii, barsiisaafi guddisaa ummataa isaanii turan, isaanii fi namota isaan boodaan dhufaniifis fakkeenya ta’a.Yeroma sanitti mootii biyyaa fi ijaaraa hawaasa Muslimaa fi biyya isaanii ta’anii hojjatan.Ergamaan Rabbii (SAW) hanga amantiin Islaamaa bu’uurrii fi kaayyoon isaa ummata gaarii uumuu fi jiruu isaani fooyyeessuu danda’u raggaasisanitti hojjataa turani.

Mootummaa Islaamaa hundeessuuf ummanni Muslimaa tooftaalee bu’uura hubannoo fi bu’aalee Islaamaa haala yeroo fi bakaa eeggatee gara hojiitti ittiin jijjiraman uummuu qabu. Kana hunda godhuuf jechootaa fi gochoota ergamaa Rabbii (S A W) kan biyyaa fi hawaasa Muslimaa ammayyaa ijaaruuf kayyoo ofii godhattee ka’e qajeelatti hubachuudha.

Sona, qayyabannoo fi barbaachisummaa safuu amantii Islaamaahojiin lafa irratti mul'isuun qabu yo ilaalle; Rabbiin amantii kana gosa Araba duubatti haftuu fi seenaa isii keessatti biyya sirna siyaasaa, fi qaroomina hin qabne irratti buuse. Mirgaafi dirqamni biyyummaa nama tokkoo kan ittiin beekkamuu fi kabajamuun Muslima ta'uu qofaanii.

Dirqamni nama kaaniif kennamu isaas ni kennama mirga namni kuun argatu innis ni argata *(namni Muslimaa obboleessa isaa hin miidhuu, akkasuma dabarsee nama isa miidhuufis hin kennuu)*[1] gara biraatiin ammoo *(Rabbiin nama obboleessa isaaqarqaaru ni qarqaara)*[2]. fakkeenyi kanaa Abuubakri - Rabbiin isaa irra haa jaalatuu- sayyidanaa bilaaliin gabrummaa irraa bitee bilisa baase.

Bifa kanaan yoo hasawaa, hubannoo fi gahee nama hundaa hin ibsine fi hin beekne dogongora, daangaa darbuu fi amantaan bakka isaa malee fayyadamuu irraa fagachuu hin dandeenyu. Akkasumas rakkoolee akkaa abbaa irrummaa, malaammaltummaa, bu'aalee kaadireewwaan abbaa taaytaa fi siyaasaa akkasuma warroota isaaniin walitti hidhata qaban fuul-dura dhaabannee dhoorguu hin dandeennu. Namoonni kunniin ummata biyya Islaamaa hedduu keessatti qajeelluma wahyii fi uumamaan Rabbiin isanii kennee dhoorgatanii hambisaniiru. Jiruu haqaa, wal-qixxummaa, obbolummaa toltuu walii yaaduu

---

[1]Al-Bukaarii, Muhammad bin Ismaa'iil Beeyruut, Daar ibnu kasiir, kutaa 3ffaa fuula 82

[2]- Anneysaabuuriyyi, Muslim bin Hajjaj. Sahih Al-bukaarii, Beeyruut, Ihyaa Aturaas Al-aalamii, kutaa 4ffaa, fuula 2074.

fi nagaha ijaaruu keessatti namni hunduu hirmaachuun dirqama isaati.

## Mootummaa Islaama kan Ummataa

Ilaalchi bilchaataan fi tartiibonni haaromsaa jiraachuun sirna ittiin bulmaata ummataa fi hawaasa Islaamaa ijaaru. Hubannoon hawaasaa fi bu'uurri Islaamaa ummata jabaa fi mootummaa hawaasa keessaa bahe akka uumu taasisa. Mootummaan bifa kanaan dhufu ummata isaa mirgaa fi dirqama jiruu keessaatti wal-qixxummaan kan tajaajiluudha. Jechi 'Islaamummaa' jedhu asitti amantii fi safuun amantii Islaamaa, qabiyyee xiinxalla ummataa fi sababa argama isaaniiti, bal'ina daangaa murtii fi filannoo isaati.

Jechi 'madaniyyaa'/bulchiinsa ummataa jedhu ummannii fi miseensi ummata Islaamaa tartiiba walii-gala hawaasummaa fi namummaa kan kaayyoo fi safuulee isaa mirkaneessan, kan ummanni hundi irratti walii galuu fi bu'aa isaanii fiixaan baasuuf walii-galtee taasisan jechuudha.

Biyyoonni Islaamaa irra caalaan jiraattota isaanii Muslima. bu'aafi bu'uurri, kaayaa fi kaayoon, akkasumas filannoo fi hubannoon isaanii hubannoo muslimtootaati. Mootummaan isaanii motummaa Islaamaa fi hawaasaan filatameedha. Hundeeffamni isii hubannoo fi kaayyo addunyaa guutuuf bu'a-qabeessa ta'e irratti tan ijaaramte waan ta'eef ummani amantii biroo hordofanii biyya kana keessa jiraatan qajeelfamaa fi ejjannoo amantii Islaamaa fudhatanii jiraatuu ni danda'u.

Kanaafuu bu’uura ijjannoo fi kaayyoo amantii Islaamaa galmee namni hundi irratti walii galu tokko keessatti walitti qabanii kaayuun dirqama ta’a. galmeen kun ummata amantii Isalamaas ta’ee ummata amantii biroo hordofan kan mirgaafi diqama biyyuummaa wal-qixaa ta’eqabaniifi bu’aan, eenyummaan, filannoo fi fedhiin isanii eeggamuufi qaba kan jedhuudha. Amantii fedhanis yoo hordofanbiyya Islaamaa kan bulchiinsa ummataa keessatti mirga lammummaa fi mirga jireenyaa qaba. Asitti jechi ‘Namummaa’ jedhu kan ibsu bu’aa fi mirga bu’uura dhalli ilma namaa kamiyyuu osoo aadaa, amantiin fi hawaasummaan wal-hin qoodin walitti qabanii fi irratti walii galan jechuudha.

Mootummaan bifa armaan olitti dubbanne kana irratti bu’uureffamte mootummaa Islaamaa fi mootummaa ummata jedhamti. Fedhii, filannoo fi haajaa ummataa guutumatti fiixaan baasuuf mootummaa kan dhaabbateedha. Keessattuu fedhii fi hojii hawaasa Muslimaa biyya san keessa jiraatuu kan akkaa wal-qixxuummaa, haqa, wal danda’uu, wal-qarqaaruu, toltuu walii yaaduu, obbolummaa, marii fi nagaya fakkaatan babal’isuudha.

As irratti wanti qajeelatti beekuun barbaachisu yoo jiraate; garaagarummaa sirna bulchiinsa diimokraasii ammayyaa fi sirni bulchiinsa marii Islaamaa addaan baasnee hubachuudha. sirni bulchiinsa diimokraasii ammayyaa sirna siyaasa warraa dhihaa kan calanqisiisuudha. Damee qabeenyaa keessatti sirna capitaalizimii jedhamee yoo beekkamu damee hawaasummaa

keessatti leebraalizimii fi damee siyaasaa keessatti sirna dimokraasii jedhamee beekkama.

Wanti sirna bulchiinsa diimokraasii hammayyaa sirni bulchiinsa marii Islaamaa irraa adda godhu guddaan bifa falaasamaati. Falaasamni tartiibota sirna siyaasaa kamiyyuu calanqisiisa. Garuu sirnoonni lamaan wantoota irraatti wal-fakkaatan qabu san keessaa akka fakkeenyaati: sirna filannoo, aangoolee gar-gar qoduu (qaama seera raawwachiisuu, seera tumtuu fi seera hiiktuu) kunis aangooleen akka wal-madaalu taasisuufi.

Sirni dimokraasii warra dhihaa sababa gara diinagdeetti dabuuf kaayyoon isaa inni jalqabaa fi xumuraa fedhii namaa guutuudha,waan dhugaa fi dhara ta'e toltuu fi hamtu hunda beekuuf kan irratti hundaa'u fedhii namaati. Dhugaa fi dhugummaa beekuun warraa dhihaa biratti akka dhimmaa dhuunfaa fi namummaatti ilaalama . Namni hundinuu waan dhugaa fi dhara ta'e ofumaaf murtteeffata. Namni kamiyyuu nama biraatiif yaaduus ta'ee hiree isaa murteessuu hin danda'u.

Namni kamiyyuu kophaa isaa namoota biraa irraa addaan bayee jiraachuu hin danda'u, nama biraatiin wal-qarqaaruu qaba. Walii galteen hawaasaa jiddutti uumamuu qaba. Dhimma isaanii xumurachuuf sirna bulchiinsaakan jaalatan,kan isaan tajaajilu wayii filatanii isaaf bitamuu fi ajajamuu qabu. Sirni bulchiinsa diimokraasii keessatti irra caalaan hawaasaa abbaa aangoo ta'anis, garuu mirga waarra hawaasa xiqqaa eeguu qaba. Mirga isaanii eeguudhabuu fi isaan cunqursuun fincilli uumuun tasgabbiin akka hin jiraanne taasisa. Kuni kasaaraa

guddaa hawaasaa guutuu fi warroota sagalee wayyabaa fi hagoo irrattis fida.

Adeemsa sirna bulchiinsa dimokraasii keessatti rakkoolee gurguddoon hedduu uumamanii jiru. Fakkeenyaaf: akkaatan namoonni bilisummaa (mirga) itti hubatan tasgabbii hawaasummaa fi amala namaa balleessaa jira. Amalli gaariin, safuu fi duudhaan hawaasaa akkasumas naamusni diigamaa dhufee jira. Fedhii yeroo gabaabaa fi hawwileen badaan babalachaa dhufee jira. Kunis hawaasni sirna dimokraasumma kana hordofan rakkoo hawaasummaa hedduu keessa akka seenan godhee jira.

Maatiin ijjollee bakka amanamaa guddina dhalootaatiif haajaa ruuhii isaanii, jaalala fi wantoota ijoollee isaaniitiif ijoollummaa irratti guutuu qaban guutuu hin dandeenne. Kunis walakkaa jaarraa darbee irraa eegalee kufatii jiruu hawaasa fi amala gaariif, kufaatii safuu fi naamusaatiif sababa guddaa ta’ee argama. Amallan gadhee fi naamusa dhabuun kun balaa ummanni nu dura turan kan akka, ummata *Aad*, *Samuud*, *Luuxi fi ummataFir’oonotaatt* bu’e saniif nama saaxila.

Sirni bulchiinsa marii Islaamaa kan bu’uureffameajajaQur’aana keessatti dhufanii fi kayyoo isa dhugaa ta’ee ka’umsa godhachuuni. Akkuma sirna bulchiinsa dimokraasii hammayyaa keessa jirutti, Ummani Muslimaa filannoo fi murtii hawaasaa baldhaa ni kabaju. Garuu Sirni bulchiinsa marii Islaamaa sirna bulchiinsa dimokraasii ammayyaa irraa addummaa kan qabuun;hawaasa Muslimaa birati dhugaa fi dhugummaan dhimmaa walii galaati malee dhimmaa dhuunfaatii miti jedhee

amana. Akka walii galaatti dhugaan dhimma ilmi namaa wal-irraa butee qabatuu miti.

Uumaa fi uumama Rabbii qajeelatti xiinxaluun; qajeelluma ilma namaaf, jiruu hawaasummaaf, qaroominaaf, amalagaarii fiduu fi ijaarsa biyya tokkoo keessatti bakka guddaa qaba. Sirni bulchiinsa marii IslaamaaHanga ilmi namaa jiruu isaa fooyyeessuu, gammachuu qabaachuu fi tasgabbiin hawaasaa argamutti, Akkasuma hanga jirattonni Muslimaa ilaalchaa fi bu'uura Islaamummaa isaanii ifattii baasanii dalgaanitti itti fufa. Yoo kaayyoon kuni fiixa bahe wantii ta'amuu qabu hawaasni biyya Muslimaa keessaa jiraatanii amantii biraa hordofan itti amananii fudhachuu qabu. Ilaalchi islaamummaa bu'aa, bu'uurra, filannoo, kaaya, kayyoojireenyaa, murtii fi hubannoo addunyaawaa of keessaatti calanqisiisa.

Mul'anniwalii galaa, hubannoo, falaasamni fi safuuleenamantii Islaamaa keessa jiran, haala jireenya ilma Muslimaa tokko keessatti ifatti bayee mul'achuu fi irraa calaqqisuu qaba. Islaamumaan amantii muudaa fi seekkaraa osoo hin taane, amantii mul'ata qabu, kan safuu fi sona qabu, kan bu'uuraalee fi hubannoowwan isaa murtaawaa fi ifa galaa ta'eedha.

Akkasuma amantiin Islaamaa odeeffannoo sirna qabeessaa fi filannoo namummaati. Ilaalchonni fi bu'uuronni amantii Islaamaa keessa jiran kunniin wahyiidhaan kan Rabbi biraa dhufan yoo ta'u, yeroo ergamaan Rabbii (S A W) jiranitti

guutumaan guututti hojii irra oolanii jiru. kanaafuuamantiin Islaamaauumaa ilma namatiin walhin dhiibu.

Ergaalee amantii Islaamaa sammuun namaa ni fudhatti, ruhii fi onneen namaas itti amanti, jiruu namaa tasgabbeessiti, seera namummaa namaa eegu jiddu-galeessa kan godhatee fi safuufi sona mataa isaa kan qabuudha. Namni amantii Islaamaatti amane shakki tokko malee waan ifa galetti amana. Kanaafuu itti yaadee, keessi isaa fudhatee, onneen fi sammuun isaa yoo jaalate filannoon isaa islaamummaa ta'a.

Bifuma wal-fakkatuun namni kayyoo, hundee fi bu'uura amantii Islaamaa osoo beekus ta'ee wallaalaan laaluu fi hubatuu diduun isaa ni mala. Inni kun ilma namaa ta'uu isaa qofaaf,mirga guutuu qaba. Namni tokko muslima ta'uuf wanti beekuun irra jiraatu, hundee, bu'uuraa fi kayyooleeamantii Islaamaa jijjiruu mirga fi dandeetti kamiyyuu hin qabu, akkuma jirutti itti amanuudha malee.

Hiikkaan jecha armaan olii kuni namni tokko Muslima ta'uu yookan ta'uu dhiisuu ni danda'a. Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِ ﴿٢٥٦﴾ البقرة: 256

*Diin (*amantii Islaamaa) *keessa dirqisiisuun (dirqamaan amantii nama fudhachiisuun) hin jiruu.* ([3]) *(Al-Baqarah: 256).*

Garuu nami kamiyyuu bu'uura, kayyoo fi sona amantii Islaamaa jijjiiruus ta'ee geeddaruu hin danda'u. Akkasumas

[3] Garuu Islaamummaa osoo hin fudhatin yoo du'e akka ibidda Jahannam seenu hubatamuu qaba.

hubannoo, kayyoo, sonaa fi safuu amantii Islaamaa diduun, safuu biraa nuuf fiduu  hin danda'u. namni kamiyyuu waan hin dandeenne goonfachuu fi maalummaa dhugaadhaan isa hin ibsinee (ani nama akkanaati jedhee) beeksisuu hin danda'u.

Sirni siyaasaa Islaamaa,hawaasa Muslimaa biratti ilaalcha kana qabata. Dhaabileen siyaasaa fi murtiileen isaanii ummanni ilaalcha kana waan itti amanee fudhateef isaanis fudhatuuqabau. Kana jechuun sirni bulchiinsa Islaamaasirna bulchiinsa diimokraasii, murtiilee isaa keessatti yadaa yabootiin kan murteessu jechuudha. Garuu dimokraasii Islaamaa fi mariiti malee diimokraasii lebraalii kan qabeenya horachuu qofaaf bbololi'uu miti.

Sirna bulchiinsa Islaamaa keessatti dirqamni hawaasa Muslimaa mariidha. Mariin kan godhamu dhimma jiruu adda addaa fi filannoowwan jiran irratti. Hubannoo fi ilaalcha kana irraa ka'uudhaan haala yeroo fi bakkaa irratti hundoofnee bu'aa walii galaa tokkoo tokko kan fedhii hawaasa Muslimaa guutuu fi fedhii namoota dhuunfaas eeguu fiduun ni dandeenna.

Walii galtee ummataa guutumatti uumuudhaaf sirni bulchiinsaa, hawaasa harka caalu,ilaalcha, kaayyoo, hundee fi hubannoo Islaamaa akka qabatan amansiisuu qaba.kunis hawaasa hunda jiddutti obbolummaa fi jaalala biyyaa uuma. Sirni bulchiinsaas wantoota bu'uura ta'an kan akka haqaa, obbolummaa, wal qarqaaru  wal qixxummaa fi toltuu walii yaaduu qabaachuu qaba. san booda sirni bulchiinsaa kun osoo nama amantiin, sabaan, dandeettiin fi bifaan addan hin qoonnee kabajaa namaa, mirga namummaa tokko tokko fi hawaasaaf

jiruu gaarii uuma. Amala kana balleessus ta’ee nama hoongessuu hin danda’u.

Sirna bulchiinsa marii Islaama keessatti Muslimni amantii isaa qajeelatti qabate tokko, osoo beeku miira Muslima dhugaatiin bu’aa dhuunfaa isaa barbaaduuf jecha nama tokko daangaa itti darbuus ta’ee murtii isa miidhu dabarsuu irratti hin danda’u. osoo namni miidhamu kun Muslimas ta’ee kaafira, diinas ta’eefira isaas ta’ee. Namni Muslimaa bu’aa ofiifis ta’ee bu’aa nama isatti aanuuf argamsiisuuf jecha nama hin miidhu. Yoo namaaf toltuu ooluu barbaadeshumnaa fi maallaqa dhuunfaa isaa keessa namaaf ooluu qaba.Kana irraa kan hafee miidhaa fi diinummaadha malee amantaa Islaamaakeessattis ta’ee haqa biratti hiika hin qabu.

Sirna bulchiinsa siyaasaa Islaamaa keessatti, gaheen paartiilee siyaasaa sangantaa siyaasaa jireenya hawaasaatiif bu’a-qabeessa jedhee itti amanu bifa mul’ata fi duraa duuba fedhii hawaasaa eegeen dhiyeessfi irratti wal-dorgomu. Sirna kana keessa sababa hubannoon hawaasaa cimaan jiruuf rakkoon adda addummaa hawaasaa kabajuu fi aangoo dabarsanii walii laatuu dhabuu hin jiruu. Akkasuma gara kallatiinis ta’ee al-kallatiin haswa maqaa qulqullummaa amantiitti fayyadamuun haqa aangoo fi murtii siyaasaa dhuunfachuun abba irrummaa fi malaammaltummaadhaaf karaa mijeessuun sirna bulchiinsaa kana keessa hin jiruu.

Adeemsi kuni hundi bifuma kamiinuu abbaan irrummaaakka hin uumamne taasisa. Hawaasni bal’aan abbaa aangoo, abbaa murtii fi abbaa burqaa taayitaa akka ta’u godha.

Kanaaf sirni kun sirna bulchiinsa hawaasa Islaamaa marii irratti hundaa'eedha. Paartiileen siyaasaa sagantaa isaanii hawaasa irra fidu, sana booda ummanni yoo dide fi yoo hin fudhatas ofii isaatii murteessa. Abbootii taaytaas ta'ee partiiwwan siyaasaa ummannii itti hin amanin aangoos sirna kana keessaatti hin qaban.

Sirni dimokraasii ammaayyaa warra dhihaa fi sirni bulchiinsa marii diimokiraatawaaIslaamaa wantoota akka aangoolee addaan baasuu fi murtii warra harkacaaluu qabachuu keessatti wal-fakkaatanis garaagarummaa guddaa qabu. Hawaasummaa fi Qaroominaa lamaan jidduu addaa addummaa falaasamaa bal'atu jira. Akka fakkenyaatti hubannoo (dhugaan humnaaf) fi (humni dhugaaf) jedhu irraatti wal-dhabu. Garaagarummaan hundee falaasama kana irratti ka'u adeemsa murtiilee dabarsu, dhaabbilee siyaasaa fi barnootaa ijaaruu keessatti qooda guddaa qabu.

Hawaasni tokko sirna dimokraasii faallawaa bifa murtii fi filannoo laaqamaa, haqamaa fi sobaa kan yeroo garii dhibbeentaa dhibbaan dabru kanahordofuudhaan rakkoo keessaa bahuu hin danda'u. Akkasuma hubannoon hawaasni haala tartiibota, qajeelfamaa fi kaayyoo dhaabbilee siyaasaaf qaban baay'ee xiqqaadha. Garuu ilaalchi,yaadaa fi qaroominni amantaa Islaamaa haala falaasamaa fi kayyoojiruu ilma namaatiin sirritti wal-gita.

Wal-dhabbii jidduu sirna dimokraasii ammaayyaa fi sirna dimokraasii marii Islaamaaammas yoo laalle sirna marii Islaamaa keessatti hubanno sirna siyaasaa yeroo ammaatiin;

paartiiwwan paarlaamaati walitti dhihaata. wanta mari’atanis itti gaafatamumma miiraatiin waan dhugaa, waan wal-qixxummaa fi bu’aa hawaasa isaanii ittiin kabachiisan malee, akka sirna dimokraasii ammaayyaa ijjaannoo paartiiwwanii dhaabbataa fi jalqaba murteeffameenii mitii.

Wantoonni akkanaa kuni bu’aa marii fi yaadatiin ijjannoo miseensota paartiwwanii fi warra sagalee harka caalu akka yeroo gara yerootti jijjiran godha.akkasumas tasgabbii koree hojii raawwachiiftotaa fi siyaasaan isaan paarlaamaa jijjiiruuf taasisan irrattis ni qarqaara. Haalli kuni sirni bulchiinsa piresdaantummaa sirna bulchiinsa marii Islaamaaf hedduu dhiyaataa ta’uu agarsiisa. Kun barattoota saayinsii siyaasaa baratan biratti sirna paarlaamaa jedhamee kan beekkamu sanaa miti. Sunis koreen hojii raawwachiiftotaa gahee isaanii bifa gaariidhaan akka bahaniif, paarlaamaan aangoolee piresidaantii kan too’atuu fi qaama daangessuudha.

Dhabbilee siyaasaa fi barnootaa karaa sirrii haala kaayyoo fi kaaya ummataatiin wal-madaalan ijaaruuf hawaasni haqiiqaa jalqaba isaanii, ilaalcha addunyaa, haala dhaabbilee siyaasaa fi falaasama qaroomina isaanii qajeelatti hubachuu qabu. Ummanni sochiilee, marii qaroominaa fi muxannoo hawaasaa durii fi ammayyaa adda addaa kan akka qorannoolee barumsaa, tartiiba hawaasummaa fi bu’aa bahii jireenya ilma namaa jidduutti godhamu irraa fayyadamu danda’uu qaban.

Sochiileen qaroominaa bifa gaarii kanaan yoo itti fufan ummanni dhaabbilee hawaasummaa fi guddina qaroomaa salphamatti uumuu ni danda’ama. Imala qaroomina ilma namaa

fi wal'aansoo filatamaa jiruu nama ijaaruu keessatti gahee guddaa qaban fayyadamuun sirna jiruu ilma namaa fi qaroomina biraa gargaaruu fi guddisuuf haala mijeessa.

Sirna marii Islaamaa keessatti mootummaa fi koree hojii raawwachiftotaa qulqullummaa amantii hin fayyadaman. Dhimmi hubannoo, da'awaa, guddisaa, barumsaa, aadaa duudhaa fi miidiyaa dhaabbilee bilisaa fi of danda'aaniin hogganama. Kallatiidhaan dhimmi dhaabbilee kanaa gara ummataa fi warra ummata bakka bu'aniitti deebi'a.

Kanaaf sirna bulchiinsa marii Islaama keessatti partiiwwanii fi dhaabbileen siyaasaa dhaamsa amantii fi qulqullummaa isaa fayyadamuun nama gowwoomsuun hin jiru. wanti isaan godhuu danda'an wal-dorgommii siyaasaa keessatti hubannoo fi kaayyoo Islaamummaa irraa ka'uun tajaajila ummataaf sagantaa siyaasaa, bu'aa jiruu namaa heera ummanni tumate bu'uura godhachuun garaagarummaa ilaalchaa, yaadaa fi haajaa namaa sagantaa siyaasaa isaanii keessatti tarreessuudhaan hawaasa amansiisuu fi jaalala isaanii horachuudha.

Bu'aan walii galaa sirni mootummaa Islaama kan ummata jiddu-galeessa godhatee bilisummaa amantii fi qabeenya ummataa eeguu, wal-qixxummaa namaa raggaasisuu, akkasumas geggeessummaa dhaabbilee hubannoo, da'awaa, guddisaa, barumsaa, aadaa duudhaa fi miidiylee eeguudha. Abbootiin taaytaa fi siyaasaa amanamootaa fi wardiyyaa biyyaa ta'uun bu'aa hawaasaa wal-qixxumman eeguun dirqama isaaniiti.Ummannis mootummaa fi abbootii taaytaa too'achuu mirga guutuu qaba.

Sirni bulchiinsa akkanaa kuni biyya Islaamaa keessatti mootummaa fi dhaabbileen isaa fedhii fi filannoo ummata kan calanqisiisanii fi bakka bu'aniidha. Sirna kana keessatti mootummoonni abbaa irrummaa fi malanmaltummaa akkasuma warroonni bu'aa ofii qofaaf dalagan hin uumaman. Bifuma wal-fakkaatuun mootummoonni fedhii fi yaada Rabbii ibsina jedhani warroota bu'aa ofii qofatti amanan fayyadamuun ol aantummaa ummata fi fedhii ummataa irratti maqaa adda addaa baafachuun kaayyo dinagdee fi siyaasaa fiixaan baasuuf tattaafatanis uumamuu hin danda'an.

## Adeemsa Haaromsaa

Ummataa fi mootummaa Muslimaa biratti;yoo motummaan ykn abbaan taayitaa tokko jallate wal'aansoo siyaasaa keessatti humna fayyadamuun hin jiru. kunis gaafii ergamaanRabbii deebisan keessatti ifa ta'ee jira.

*(yaa ergamaaRabbii isaaniin hin lollu jedhanii gaafannaan, haala isaan salaataniin isaan hin lolinaa jedhan.)*[4]

Garuu kana irraa kan hubatamu miidhaa, jallinna, malaammaltummaa, abbaa irrummaayookiin mirga ummataa akkaa dhiibu kan argisiisuu miti. Gorsa kennamee fi mormii fi diddaan isaaf qaban itti himamee kana bodas yo kan hin sirrofne ta'e; hawaasnibifa seera qabeessa fi nagaya ta'een miidhaa, jallinna, malaammaltummaa fi abbaa irrummaa mootummootaa of irraa daangessuuf; karaa nagaya ta'een mormii ummata guutuu gaggeessuu ni danda'a. sochiilee mormii keessaa

---

- Anneysaabuuriyyi, Sahiih Muslim, kitaaba dabre, kutaa 3ffaa, ffula1480.[4]

beekkamaan tasgabbii ummataa osoo hin booressine sababa mirga ofii kabachiisuuf, miidhaa dhoorguuuf, dogoggora uumaman sirreessuu fi haaromsa barbaachisu taasisuuf, akkasuma aangoo fi taaytaa ummataa deebifachuuf hiriira nagahaa, diddaa,hokkora fi gabaa lagachuun yaada isaanii karaa nagayaatiin ibsuudha .

Ergamaan Rabbii (S A W ) akkana jedhan:

*(Irra caalaan jihaada mootummaa jallataa fuul-duratti dhugaa dubbachuudha)*[5]. Ammas akkana jedhan (S A W ) : *wanta Rabbiin wal-nama dhabsiisu irratti nama tole jechuun hin gayu)* [6]

Ammas akkana jedhan (S A W ) :

*namni Muslimaa tokko yoo ajajame waan jaalatus ta'ee waan jibbu san dhagaye fudhadhe jechuu qaba. Garuu waan Rabbiin jibbu keessatti dhageettiis ta'ee fudhachuun hin jiru)*[7]. *(Waan gaarii keessatti malee ajaja mootummaa fudhachuun hin jiru)*[8].

Gareen hawaasa Musliimaa gara biyyaa, gurmuufi gosummaanyoo addaan faca'anwal'aansoogosaa fi gareetu uumama. Akkkas ta'ee argamnaan gareewwan hawaasa Muslimaa warra walii galtee, araarama,wal-qixxummaa, obbolummaa fi bu'aa hawaasa bal'aa uumuuf deeman ta'uu qabu. Yoo gareen tokko midhaa fi diinummaa garee biraa itti fufan, gara nama miidhamee bira goranii dhaabachuun nama

- Asheeybaanii, Ahmad bin Hanbal, Musnad Imaam Ahmad[5]
- Axxabraaniyy, Suleeymaan bin ahmad, Al-mu'ujam Al-kabiir.[6]
- Anneysaabuuriyy, Sahiih muslim, kitaaba dabre, kutaa 3ffaa, fuula 149.[7]
- Ibni Abdulbarri, yuusuf bin Abdellaa, Al-Istizkaar[8]

araara dide yoo barbaachisa ta’e humnaan dirqamsiisuun adeemsa haqummaa fi wal-qixxummaa ibsa. Rabbiin Qur’aana isaa keessatti akkana jedha.

وَإِن طَآئِفَتَانِ مِنَ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ٱقۡتَتَلُواْ فَأَصۡلِحُواْ بَيۡنَهُمَاۖ فَإِنۢ بَغَتۡ إِحۡدَىٰهُمَا عَلَى ٱلۡأُخۡرَىٰ فَقَٰتِلُواْ
ٱلَّتِي تَبۡغِي حَتَّىٰ تَفِيٓءَ إِلَىٰٓ أَمۡرِ ٱللَّهِۚ فَإِن فَآءَتۡ فَأَصۡلِحُواْ بَيۡنَهُمَا بِٱلۡعَدۡلِ وَأَقۡسِطُوٓاْۖ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلۡمُقۡسِطِينَ ٩

الحجرات: 9

*“Yoo gareen Muslmtoota ta’an lamaan wal-lolan walitti araarsaa, yoo gareen tokko roorriste, garee roorriste sana hanga karatti deebitutti lolaan, yoo isaan karatti deebi’an haqaan walitti araarsaa, haqa dalagaa Rabbiin warra haqaa jaalataa.” (Al-Hujuraat:9)*

Kana jechuun dirqamni ummataa yeroo hunda dameewwan hawaasaa akka garee fi gosummaatti hin faffacaane tokkummaa cimsuudha. Tokkummaan, wali galteen, walii yaadu fi wal-qarqaaruun faffaca’uu irra gaariidha. Sababni isaa humna, kabaja, guddinna fi dandeetta hawaasa keessatti argaman hundaaf bu’uurri tokkummaa waan a’eefi.

Wantoonni armaan olitti dubbane kun fiixa bayuu kan danda’an; yoo xiinxaltoonni fi haggantonni sirna haaromsaa nagayaa fi tasgabbii fiixaan baasuuf, barbaachisummaa dhaabbilee hawaasummaa qajeelatti beekaniidha. Kana ta’uu dhabnaan, xiinxaltoonnii fi hooggantoonni sirna haaromsaa akkasuma warri isaan bakka bu’an rakkoo gosummaa fi naannummaa keessaatti hafuun isaanii hin oolu. Sana booda akkuma ummatoota darbanii fi ummata ammaa kanatti sirna

abbaa irrummaa fi malaammaltummaa geggeessuu keessatti kufu.

Hawaasni Musliimaa geengoo haaromsaa cufaa fi hiikkaa hin qabnee akkasumas hawwii kabajaa, olaantummaa ummataa, guddinna biyyaa,barbadeessuu abbaa irrummaa fi malaammaltummaa, hiyyummaa fi miidhaa keessaatti maramee akka hin hafne; xiinxaltoonni fi barsiisonni dhugaadhaan haaromsaa fi guddinna ummataa yoo barbaadan ta’e,miira ummataa fi hawaasa keessatti uumanii jecha osoo hin taane dalagaa, haasawa osoo hin taane,bu’aa ofii akka laalu tasisuudha. Jechoota mi’aawoo fi dhaabbilee si’aawoo ta’an duuka fiiguu akka dhiisan qajeelatti ummata barsiisuudha.

Seenaa siyaasaa fi aadaa sirnoota abbaa irruummaa darbaniiamantaas ta’ee kan ammantaa hin ta’iin qajeelatti yoo ilaalle,wantoota walitti qaban tokko qabu. kunis haasawa mi’aawaa, kijibaa fi waadaa sobaa seenuudha. haguma fedhellee ummanni garaagarummaa qabaatu hogganttoonni isaanii jechoota mi’aawoo wal-fakkaatan fayyadaman. Waadawwaan kijibaa kan akka haaromsa taasisuu, ummata tajaajiluu, ummata wal-qixxummaatti amanuu uumuu fi malaammaltummaa balleessuu, Akkasuma karoora misoomaa baasuu, dameellee barnootaa, fayyaa, tasgabbii ummataa eeguu, sababoota hiyyuummaa fi dhukkubaa ta’an balleessuu, industirii fi daldala guddisuu. Walumaa galatti wanta danda’amuu fi hin danda’amne hunda ni taasisna jedhanii kijibaan haasawuudha.

Gareen tokko kufee kan biraa dhufus, mootummaan takka kuftee tan biraa dhuftus , paartiin tokko kufee paartiin

biraa dhufus, haasofni mi'aawaa fi waadaan kijibaa, dhabbilee siyaasaa, tajaajila ummataa si'aawaa fi guutumaa ta'ee hin qabnee akkuma jirutti itti fufa. Waadaaleen sunniin yeroo gara yerootti jijjirama tokko osoo hin fidin dedeebi'u. ummanni sirnoota akkana kana jalatti bulan sababa dhaabilee siyaasaa fi hawaasummaa mootummota too'atan hin qabneef yeroo gara yerootti rakkoon isaanii dabalaa deemaa.

Dhukkuba kana yaaluuf hubannoon barbaachisummaa dhaabbilee seera tuman, seera raawwachiisani fi seera hiikan akkasumas dhaabbilee dhimmoota qabeenyaa, barnootaa fi miidiyaa beekuundhimma hangafaati. Ummanni adeemsa dhaabbilee siyaasaa fi hawaasummaa isaanii hubachuuf, dhabbilee kanneen si'eessuuf, dadhabinaa fi miidhaa dhufu bifaa kanaan qofa beekanii hiikuu ni danda'u.

xiinxaltoota fi hayyoota ummata Islaamaa irraa wanti eeggamu murtii seeraa fi siyaasaa haala sirnoota siyaasaa fi hawaasummaa biyyoota Muslimaa hundaa ilaaluudhaan, lammiin Muslimaa tokko haqa filuu fi filatamuu akkasumas murtiilee siyaasaa fi seeraa kessaatti hirmaachuuf umrii meeqa irraa akka ta'ee murtaawuu qaba. Ummata dhihaa keessatti warroonni dhaabbilee miidiyaa, barnootaafi qabeenya ummataa irratti ol'aantummaan ajajan fedhii ummataa jallisuu fi dhiituuf hoggantoota malaammatummaan guutaman oomishuu danda'anii jiru.

Biyyoota hedduu keessatti Karaaleen namoonni kunniin fedhii ummaataa ittiin jallisan keessaa filannoo keessatti ijoollee muxannoo jiruu fi siyaasaa hin qabnee walitti qabanii

gurmeessuudhani. Kanaafu irraa caalaan isaanii mirga filuu fi filatamu isaanii keessatti dhimma hawaasummaa akkasuma karoora yeroo dheeraa fi gabaabaa osoo hin laallee, jiruu siyaasaa keessa seenu. Bifa kanaan warroota siyaasaa fi bu'aa dhunfaa isaaniitiif tattaafataniif karaa bal'isaa dhufuudhaan jiruu hawaasaa fi amala dhaloota guutuu balleessan.

Wantoonni armaan olitti dubbanne kun biyyoota dhihaa keessatti fudhatama qabaatus, garuu ummata Islaamaa qaroomina guddaa fi amala gaarii qabu keessatti fudhatama tokkolee hin qabu. Hawaasni Islaamaa hubannoo bu'aaummataa eeguu fi mormii karaa nagayaatiin murtilee siyaasaa keessatti bifa gaariidhaan hirmmaannaa gudhu. Mirga hawaasa guutuu, mirga maatii, mirga dubartootaa fi ijoollee eeguu, akkasuma malaammaltummaa fi miidhaalee adda addaa kan akka maatii, hawaasa fi amala ummaata balleessuu danda'an balaaleffachuu fi balleessuudha.

Sirna filuu fi filachuu keessatti umrii namni tokko itti filuu fi filatamuu danda'u hanga barbaachisuu oli hir'isuun tajaajila ummataaf bu'aa guddaa hin qabu. Garuu warra dhuunfaa fi hoggantoota ga'umsa hin qabnee akkasuma warroota murtiilee siyaasaa maqaa ummataatiin dabarsaniif bu'aa guddaa qaba.

Jiruu ammaayyaa ijaaruu, kaadireewwan,hooggantoota fi hojjattoota ga'umsa qaban qopheessuuf ta'uu kan qabu ijoolleen hanga umriin isaanii waggaa 20 ta'utti, mana barumsaa keessa turuudha. Bifaa kanaan dalagaa argachuun maatii ofii uumuudhaan itti gaafatamummaa hawaasaa fi amala gaarii

argamsiisu.Akkasumas karaa maatii fi hawaasni guutuun rakkoo adda addaa ittiin hiikanakka barataniif isaan gargaara.

Amala, kaayyoo fi kaaya ummata muslimaa keessaa tokko ijoolleen hanga guddatanii itti gaafatamummaa siyaasaa, hawaasummaa, qaroominaa fi amala gaarii horatanitti qarqaarsa mallqaatii fi hamilee isaaniif laachuudha.

Kana irraa ka'uudhaan ummata Muslimaa keessatti umrii namni itti filuu fi flatamu qabu murteessuun qorannoo cimaa seenaa, qaroomina, fi jiruu hawaasummaa ammayyaa irratti hundaa'e geggeessuu qabna. Kunis hirmmaannaa bilchina qabuu fi murtiilee siyaasaa Islaamaa haala hawaasa fi matii tokkotokko namaa biyyaa keessaa fi biyyaa alaa ilaalcha walii yaaduu, wal-qixxummaa fi wal- danda'uun akka uumamu taasisa. Gaafiin as irratti ka'u yoo jiraate, haaromsi, dammaqiinsi, warraaqsi fi ga'ee ummanni kun dur qabu deebisuun ummata Islaamaa eessaa jalqabaa? Hariiroo cimaa malaammatummaa fi abbaa irrummaa yaadaa fi seenaa siyaasaa keessatti qaban kana akkamitti balleessuun danda'amaa?

Ilaalcha fi qaroomina Islaamaaifa godhuuf, hayyoonni fi beektonni Qur'aana kabajaamaa fi Hadiisa ulfaataa irratti hundaayuun hirmaannaa gumaacha godhuu qabu. Hikmaa Qur'aanaa fi Hadiisa kana lafa irratti hojiin mul'isuu, waan Qur'aanni kun addaan baasee girdoo irraa mulqee ibse, akkasumas wantoota Qur'aana keessatti dubbataman kan akkaa bakka bu'iinsa ilma namaa, akkamitti Rabbiin akka lubbuu namatti afuufu, kennaa sammuu fi beekumsa Rabbiin namaaf kennee dubbachu. Akkasuma dirqama ilma namaaf kenname

kan akka amaanaa,wantoota gaarii qofa filachuu, waan Rabbiin ilma namaaf akka misoomuu fi ijaaruuf laaffisee hunda osoo hin hanbisin ibsuun hedduu barbaachisa.

Ilaalchi Qur'aanaa kan ibsu dhugaa ilma namaa danddeettii isaa fi hubannoo inni uumaadhaaf qabuudha. Akkasumas kaayyoo ilmi namaa adduunyaa kana irrattii argamee fi gahee inni qabu qajeelatti ibsa.

Ilaalchi walii galaakan Qur'aanni ilma namaa fi jiruu isaaniitiif qabu kun, bifa kamiinuu dirqama ykn ba'aa uumamaa keessa hin jirre miti. Wantoonni akka haadha manaa fuudhuu fi diina of irraa deebisuuf *jihaada* godhuu jiruu bareedduu fi gammachuu namaaf fiduu. Akkasumas,kabajaa fuula lafaa fi ganda du'aan boodaas namaa dabala. Bifa kanaan Qur'aana hubachuun ilaalcha bareedaa ummata Islaama dagaagsuufi rakkoo inni keessa tare irraa hambisuuf nama qarqaara. Kunis haaromsa karaa barnootaa, aadaa fi qaroominaa ijaaruuf gahee guddaa taphataa.

Guddinni ummataa,bu'uuraaleen ilaalchaa fi hubannoon haaromsaa aqiidaa, dhaabbilee barnootaa fi beekkumsaa kan dagaagsuu qabu hayyootaa fi xinxxallitoota Islaamati. Kunis kan jalqabu maatii xiqqaa irraa ka'uun hanga hawaasa bal'aatti deemamuu qaba. Manneen barnootaa, miidiyaaleen sab-qunnamtii hawaasaa fi Masjiidonni guddina ijoollee keessaatti gahee ol aanaa taphatu.

Dhaabbilee mootummoota abbaa irrummaa irratti irkachuun jijjiiramaa fi haaromsa hawaasaa finna jedhanii yaaduun dogongora guddaadha.  dhaabbilee mootummoota

kanneenii haala jiruu raggaasisuu fi dagaagsuu malee hawaasa jijjiruu fi haaroomsuu hin barbaadan.

Ka'umsi (bu'uurri) jijjiiramaa fi guddinnaa ilaalchaa, haadhaa fi abbaa ta'uun wal-nama hin mormisiisu. Waan ilmoo isaaniitii ta'u qajeelatti beekuu wajjiin hadhaa fi abbaa caala kan ilmaa ofii amansiisuu danda'u hin jiru. Firii barbaadame bira gahamuudhaaf hayyootni Islaamaa haadhaa fi abbaaf hubannoo guddina fi dagaagina ijoollee qajeelatti kennuufiin isaan irraa eeggamaa. Akka fakkeenyaattii: **(( من شبّ على شيء شاب عليه))**"Namni waan tokko irratti guddate irratti dullooma." **(( خياركم في الجاهلية خياركم في الإسلام إذا فقهوا))** "Namni yeroo hin amanin (jaahiliyyaa) keessatti filatamaa ta'e, amantii Islaamaa eega seenes filatamaadha, yoo baratanii beekan"[9]. **((وكما تكونوا يول عليكم))** "Akkuma isin taataniini isin irratti moosifaman"**[10]**

إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُغَيِّرُ مَا بِقَوْمٍ حَتَّىٰ يُغَيِّرُوا۟ مَا بِأَنفُسِهِمْ ۗ وَإِذَآ أَرَادَ ٱللَّهُ بِقَوْمٍ سُوٓءًا فَلَا مَرَدَّ لَهُۥ ۚ وَمَا لَهُم مِّن دُونِهِۦ مِن وَالٍ ﴿١١﴾ الرعد: 11

*"Rabbiin waan ummata tokko irra jiru hanga waan irra jiran jijjiiranutti irraa hin jijjiiru" (Al-Ra'ad:11).*

Bifa armaan olitti dubbaanne kanaan ummanni Islaamaa dhaabbilee hawaasummaa mataa isaa ijaarachuu fi hubannoo jiruu garii karaa nagayaan deeffachuu ni danda'a. Kunis kan

---

[9] - Asheeybaanii, Musnad Imaam Ahmad, kitaaba dabre, kutaa 16ffaa, fuula 210.

[10] -Al-Aziim Abbaadii,Muhammad shamsulhaqqi, oownu al-ma'abuud sunani abii Daawuud, fuula 62.

ta'uun hoggantootaa, kaadireewwaan fi qabiyyee dhaabbilee kanneeniijijjiruuni.Haala kanaan jiruu wal-qixxuummaa, haqummaa fi kabajaa horachuun ni danda'ama. Walumaa galattii; wal-danda'uu, wal-qarqaaruu fi humna hawaasaa jirutti fayyadamuun qaroomina ummata Muslimaa deebisaanii ijaaruun ni danda'ama.

Yeroo sana bakka cubbuu /miidhaa badii fi gabroomfannaa wal- gargaaruu,haarawoomsa,ijaarsaa fi nageenya gadi dhaabuun ni danda'ama.

## Ijjannoo Sochiilee Gareewwaan Islaamaa Ammaayyaa Irraa Eeggamu

### Kallattii Hoogansaa Kaayuu

Qorannoo waa'ee Seenaa Islaamaa Keessatti Rakkoolee Abbaa Irrummaa fi Malaammaltummaa irratti hundaayuun, akkasumas wantoota yeroo amma kana biyyota Islaamaa fi Arabaa hedduu keessaatti ta'anii fi ta'aa jiran irraa ka'uudhaan, gaaffiin cimaan bakka kanatti gaafatamuu qabu, Ijjannoon sirriin sochiilee gareewwan Isalaamaa irraa eeggamu maaliidha? Ijjannoon isaan qaban kun rakkoo malaammaltummaa fi abbaa irrummaa hiikuu kan danda'u moo, ijjannoo biyyoota Islaamaa fi Arabaa kutaa fi sanyiidhaan addaa qoodee lolaa fi wal'aansoo ummata jiddutti uumuudha?

Karaa biraatiin ummaanni sirna siyaasaa fi hawaasummaa haarawa guddinnaa fi jijjirama namaaf fiduu danda'a jedhamee yaadamu itti amananii ni filatuu? Sochiileen garee warraaqsa Islaamummaa jiijjiirama barbaachisu fiduuf

deemu moo waan yeroo fi qabatama adduunyaa irraa fagatanii socho'aa jiru? Kana yoo ta'e diinonni Islaama biyyaa keessaafi alaa wal-wajjiin ta'uun warraaqsa Islaamummaa fi sochiilee gareewwaan Islaamaa balleessuu fi barbadeessuuf salpha ta'a. Keessumaayyuu warraaqsa Islaamummaa keessatti bu'aa dhuunfaa ofiitii fi faaydaa yeroo gabaabduu keessatti argatan irratti yoo hundaa'an ta'e, akkuma kanaan duraa fincilli ummaata fashilaayetti ammaas fashilutu mala.

Ammas fonqolcha mootummaa, gabrummaa ummataa, duubatti hafummaa biyyaa fi ummataa babaldhisaa dhufa. Kunis abbaan irrummaa fi malaammaltummaan akka babal'atu, lubbuun namoota akka galaafatamuu fi dhiigni namoota qulqulluu akka dhangla'u godha. Carraa dhuftetti fayyadamuu dhabuun biiftuun bilissummaa akka daftee hin baane taasisuu bira darbee warraaqsi Islaammummaa akka gufatuu fi waggoota dhibbaatamaaf duubatti akka deebi'u taasisa. Rakkoo gabrummaa fi dubbatti hafummaa ummataa kan waggaalee dheeraadhaaf gufatee ture kana furuudhaaf sochiilee gareelee Islaamaa cimaa fi warraaqsa ummataa walitti dhaabataa ta'e barbaachisa.

Wantoota darban irraa yoo hin baratin, diinni ummata Islaamaa fincila hawaasa Muslimaa fi ifaajee dargaggoota isaanii fashalsiisuu fi ol'aantummaa qabeenyaa fi dandeettii ummata irratti argachuuf wanti isaan hin goone hin jiru. Karaalee diinni ummata Isalaamaa nama miidhuuf fayyadaman keessaa inni guddaan doofummaa fi duubatti hafummaa babal'isuu, qabeenya isaanii saamuu fi karoora

ummataIslaamaaaddaan faffacaasuu fi biyyoota Islaamaa diiguu yeroo gara yerootti hojii irra oolchuudha.

Sochiileen garee haaromsaa fi jiijjiiramaa akka walii galaattii garee haaromsaa fi jiijjiiramaIslaamaa, sagantaa isaanii bu'aa namaa dhuunfaa fi yeroo gabaabaa irraatti hundaawa taanaan gatii ijjannoo kanaa daran ni kaffalu. Kana biraa darbee, miidhaalee abbaan irrummaa fi malaammaltummaa akkaa cimee itti fufu taasisa. Wantoota arginee fi muxannoolee darban irraa kaanee yoo dubbannu rakkoon gara fuulduraatti ummaata Islaamaa irraa gahu daran cimaa fi hadhaawaadha.

Akka fakkeenyaatti: wanti biyya Iraaq keessatti ta'e waan karoorfamee fi dursamee beeksifameedha. Wanttoonni akkanaa kun kan ta'anii fi ta'aa jiran biyyoota Arabaa fi Islaamaa hedduu keessaatti kan akkaa *Suudaan*, *Sumaalee, Yamanii Fi Paakistaan*addaa dureedhaan dubbatamuu. Akkasuma kaabaa fi dhiha Afrikaattii, walummaagala biyyoota Islaamaa hedduu keessatti akeekkachiifni kennamee jira.

Yeroo biyyaa Iraaq kolonneeffatan humni waraana seera qabeessaa fi seeraan alaa humnaan biyyaa seenee turus waajjira ministeera gaasii fi petroolaatiin ala tasgabbii biyyaa boressanii turan. ummata nagayaa irratti boombii dhoosuudhaan Kijibaan garee kana hojjatutuu jira jechuun ummaata Iraaqa garee walii faallaa ta'e lamatti addaan qooduun gareen sunnaa jiddu gala biyyaattii garee shii'aa kibbaa biyyaa gosa kurdii jedhamu kaaba biyyaattitti addaan qooduun lollii waggaa hedduuf akkaa gareewwaan kanneen jiddutti uumamuu taasisanii jiruu.

Bifuma wal-fakkaatuun kaaba AfrikaattiArabootaa fi gosa Africa Amaaziig jiddutti yeroo ammaa want ta'aa jiru ijaa keennaan argaa jirra. Akkasumas rakkoon kun dhiha Afrikaatti babal'ataa dhufee jira. Bifuma wal-fakkaatuun amantiin, gareen, gosummaa fi naannummaa irratti hundaayuudhaan biyya Afgaanistaanii fi paakstaan rakkoo hammana hin jedhamnetu jira. Rakkoo kana hubannee ummanni Islaamaa bakkaa jirruu afaanii fi harka tokko taanee, hiree keenna ofii murteeffaachuu yoo hin dandeenne, karoora diina keennaa irraa mootummaas ta'ee ummanni bilisa bayee jiraachuu hin danda'u.

Walitti bu'iinsa biyya Bahreeyni keessatti ta'ee eennuyyuu irraanfachuu hin danda'uu.Ani as irratti wanti sodaadhuu yoo jiraate haala biyyoota Arabaa yeroo ammaa kana  wajjiin wal-qabate wal-falmmiin tun lola biyyoota Odoola Arabiyaa shanaffaa kan yeroo dheeraaf diinnonni keennaa qopheessanitti jijjiramuudha. Kunis ummata Islaamaa akka waliigalaatti biyyoota Odoola Arabiyaa akka dhuunfaatti miidhaa guddaa keessa seensisuu danda'a. Sababni isaas biyyoota Odoola Arabiyaa addaan qooduu, qabeenya isaanii qisaasessuu fi wal-dhabbii cimaa uumuu waan danda'uuf. Rakkoon kun furamuu kan danda'u, yoo haggantoonni keenna fi hawaasni keenna rakkoo kana hubachuun karaa mariifi seera-qabeessaa ta'een furuu danda'an qofaadha. Rakkooleen kanaan dura ummata keenna mudataa turanii fi ummannis carraa isa dhufuutti fayyadamuu dhabuun asuma irratti nu haa gahu.

sochiilee garee Islaamaa irraa wanti eeggamuu rakkoolee ummanni Islaamaa yeroo ammaa tana keessa jiru kan akka beelaa, hoji dhabdummaa, malaammaltummaa, tuffii fi xiqqeenna jiruu yeroo ammaa keessa jiraannu tana furuudhaaf tattaaffii guddaa taasisuudha. Wantoonni armaan olitti nu dubbanne kun, dargaggoonni ummata Islaamaa filannoo lama qofa akka qabu kan ibsuudha. du'uu Yookaan jijjirama jiruu fiduun kabajaa fi bilisuummaadhaan jiraachuudha.

Yeroo seenaan keenna akkana ta'e argame kanatti, hubannoo keenna irraa wanti fagaachuu hin qabne amantii Islaamaa keessatti ilmi namaa uumaa isaatiin kabajaamaa fi filatamaa ta'uu isaatii fi itti gaafatamummaa hawaasaa kan baatu ta'uu bira darbee, dachee misoomsuun dirqama isaa ta'uu qajeelatti hubachuudha. Kunis wal-qixxummaa nama jiddutti facaasaa dhufa. Kuni garuu kennaa Rabbiin nama maraafuu adda addaan kennuun wal hin qabatu.Namni tokko diimaa, gurraacha, adii, cimaa, dadhabaa, jabaa fi laafaa, ta'uu ni danda'a. Fedhii fi wanta isaanbarbaachisuunis namoonni wal-dhabuu ni danda'u. Namoonni tokko tokko *artii* yoo jaalatu kun immoo *saayinsii* jaalata, inni kuun nama fayya-qabeessaa fi faayyaadha kan biroo dhukkubsataa fi laamshayaadha. Ta'us garuu kabajaa namummaa isaaniitiin wal hin caalan. Garaa garummaan armaan olitti ilaalle kun hundee wal-guutinsaa fi uumaa ilma namaa yoo ta'u; jiruu fi hawaasnis bifa kanaan ijaarama. Kana irraa ka'uun sahaabaan guddaan *Umar Ibnil Kaxxaba* waa'ee wal-qixxuummaa ilmaa namaa ilaalchisee

akkaana jedhe: Gooftichi keennaa (Abuubakar Al-Siddiiq) goofticha keenna (Bilaal ibni Rabaah) bilisoomse.

As irraatti dandeettiin Abuubakar fi Bilaaliin wal-madaalsisuun hin maluu.Tokko hogganaa fi hayyuu cimaadha inni kuun azaan azaana (mu'azzina), garuu mirga kabajaa namummaa keessatti wal-qixa. Rabbiin Qur'aana keessatti akkas jedha.

وَلَقَدْ كَرَّمْنَا بَنِيٓ ءَادَمَ ﴿٧٠﴾ الإسراء: 70

*" Ilma namaa dhugamatti kabjnee jirraa"*

Itti gaafatamummaa fi kabajaan ilma namaa wal-wajjiin ta'anii wal-guutu. Kana irraa ka'uudhaan sayyiduna *Abuubakar* baasii lola *Usraatiif* qabeenya isaanii guutuu kennan. San dura warra *Ansaaraa fi muhaajiraa* walitti obboloomsuun qabeenya isaanii fi wanta isaan qaban hunda akka addaan qoodaman taasifame. Akkasuma warra barandaaMasjiida ergamaaRabbii (SAW) galaniif nyaataa fi dhugaatii irraa waan isaan barbaachisu guutaa turan. Kunis dhaloonni darban hangam akka namummaa namaa kabajanii fi itti gaafatamummaa isaanii bahan mul'isa. Nama mataa ofii qofa jaalatuu fi nama biraa jibbee dhiibu hin turre. Yeroo ammaa kanatti biyyoota guddatan keessatti wanti argaa jirru, kan akka tajaajila fayyaa fi qarqaarsa harka qalleeyyii hawaasa biyya saniitiif godhamu wanti ibsuu yoo jiraate hangam isaan lammummaa isaanii akka jaalatanii fi kabaja namummaa horatan isaan taasisa.

Ergamaan Rabbii(SAW) kaayyoo fi hubannoo xalayaa Islaamummaa tan xumuraa tana ilma namaatiif qajeelatti ibsanii jiru. Kunis bu'uura karaa qajeelluma ilma namaa yoo ta'u,

hanga guyyaa qiyaamaatti haaroomsuu barbaada. Jechuun hubannoo xalayaa tanaa fi kayyoo isii yeroo gara yerootti jijjiirama haalaa fi bu'aa hawaasaa laaluun waggaa 100 keessatti al-tokko haaromsamuu qaba.

Barbaachisummaan haaromsa hubannoo hojiin mul'isuu Qur'aanaa garaagarummaa bakkaa fi addaan fageenya yeroo irratti hundaa'a. Ergamaan Rabbii (S A W) amantii yeroo gara yerootitti akka haaromsuu qabnu nuuf dhaamanii jiru. Kana irraa ka'uudhaan haaromsa amantii jechuun sirna bulchiinsa hawaasaa keessatti maal jechuu akka ta'ee bifa bal'aan ibsuun dirqama ta'a.

وَأَمۡرُهُمۡ شُورَىٰ بَيۡنَهُمۡ ﴿٣٨﴾ الشورى:**38**

*"dhimmi Muslimtootaa mariidhaan ta'a"*.

Hubannoon marii ummanni Muslimaa sirna bulchiinsaa keessatti mariidhaan geggeefama. Akka fakkeenyaatti jaarraa tokkoon dura pirazidaantiinykn mootii biyyaa kan filatu ummata magaalaa guddoo keessaa jiraataniini fi gara magaalaa dhufuu danda'an qofa. Namoonni filannoo kana irratti hirmaatuuf kutaalee biyyaa hunda irraa fe'atanii gara magaalatti imalan ture. Aangoon cimaan kunii fi itti gaafatamummaan sadarkaa kanaa hirmaannaa ummata bal'aa xiqqaa irraa hanga guddaatti hirmaachise.

Yeroo ammaa kana garuu sirni marii fi karaan filannoo mootummoota ammayyaa ittiin filatan hirmaannaa ummataa salphaa taasisee jira. Biyyoota gurguddoo akka Ameerikaa keessatti sirni filuufi filatamuu ganama jalqabamee galgala firiin filannoo beeksifama. Haala kanaan sirni filannoo pirazidaantii

biyyaa jiraattota magaalaa qofa irratti haa gabaabatu yaadni jedhu fudhatama hin qabaatu. Kanaafuu jiraattonni naannoolee fi godinaalee biyyaattii keessa jiran hundi sirna filannoo irratti bifa wal-qixa fi walaba ta'een ni hirmaatu.

Kana irraa ka'uudhaan ergahooggansi *Osmaanotaa* kufee booda, warraaqsa gareelee Islaamaa fi kolonneeffattoota Awurooppaa biyyoota Islaamaa konoleeffatan wal-qixxeessuu fi haala yeroo ammaa kan hawaasni Muslimaa keessa jiru wal-biraatti madaaluun xiqqoo nama rakkisa. koloneeffatoonni Awurooppaa *kilaafaa*Islaamaa balleessuuf yeroo biyyoota Islaamaa koloneeffatanitti warraqsi garee Islaamaa gaheen isaanii guddaan weerara kolonneeffattoota irraatti banuu fi biyya isaani bilisaa taasisuu ture.

Yeroo Ammaatti immoo gurmaa'inni gareelee Islaamaa kayyoon isaanii guddaan qorannoo fi qu'annoo irratti hundaayuudhaan dandeetti jiru fayyadamuun gufuulee nama dura dhaabatan injifachuun biyya Islaamaa cimaa fi wal-qabataa ta'e ijaaruudha. Akkasuma sirna hawaasummaa, siyaasaa, jijjiiramaa fi guddinnaa biyyota addunyaatiif fakkeenya ta'an ijaaruudha.

### Da'awaa(Yaamicha Amantii) Fi Siyaasaa

Biyyoota Islaamaa hedduu keessatti gurmaa'ina sochiilee garee Islaamaa rakkoon isaan muudatu yoo jiraate, hubannoo sirrii dalagaalee da'awaa fi siyaasaaf namoonni hedduun qabaachuu dhabuu isaaniiti. Bakkaa fi karaa dalagaan lamaan ittiin geggeefamu qajeelatti hubachuun dirqama.

Lamaaniyyuu hubannoo sirrii qabannee bakka isaanii ta'utti fayyadamna yoo ta'ee, karaalee lamaan kanaan hawaasa gaarii duraan ture san deebifnee ijaaruu fi bu'uuraa fi hubannoo Islaamummaa raggaasisuun hawwii ummata Islaamaa yeroo dheeraa kan ta'e ol'aantummaa Islaamummaa mirkaneessuun ni danda'ama.

Dalagaan *da'awaa* guddisa ijoollee, barnoota, aadaa fi amala gaarii, tika hawaasummaa fi harka qalleeyyii qarqaaruu irratti nama jajjabeessuudha. Dalagaan kun ga'ee dhaabbilee barnootaa, dandeettii fi ogummaa jiruu ilma namaa keessatti barbaachisoo ta'aniin wal hin faallessan. Dalagaan siyaasaa immoo sangantaalee jiruu hawaasummaa fi bulchiinsaa irratti xiyyeeffata. Kunis hawaasa guutuu osoo addaan hin baafne bu'aa walii galaatiif nama hunda bu'a-qabeessa godhuuf dalaguu jechuudha.

Gaheen nama da'awaa godhuu inni guddaan hubannooamantaa fi kaayyoo isaa karaa sirrii ta'ee fi jaalala Rabbii guddaa fi gooftaa isa malee gooftaan biraa hin jirre bu'uura godhachuun ummata biraan gayuudha. Namni Rabbitti amane yeroo hunda kan dalaguuf wal-qixxummaa fi haqa ifa baasuudha. Ilmi nama uumaa isaatiin miidhaa fi nama nama miidhu, akkasuma nama dangaa namatti taruu fi nama diinummaa namaa filatuu ni jibbaa.

وَٱللَّهُ لَا يَهۡدِي ٱلۡقَوۡمَ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿٨٦﴾ آل عمران: 86

*"Rabbiin warra nama miidhu hin qajeelchu( "al-imraan;86)*

وَٱللَّهُ لَا يُحِبُّ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿٥٧﴾ آل عمران: 57

*“Rabbiin warra nama miidhu hin jaalatu”. ( al-imraan;57)*

إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَهۡدِي ٱلۡقَوۡمَ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿٥١﴾ *المائدة: 51*

*“Rabbiin warra nama miidhu hin qajeelchu” (Al-Maa’ida; 51)*

Sababni isaas, dukkanni miidhaadhaalubbuu (onnee) isanii haguugee ifnana qajeellumaa fi haqqummaa akka isaan hin argine waan taasisuufi.

Da’awaan hubannoo kanaan taanaan bu’uura jalqabbii dalagaa siyaasaa iIslaamummaa ta’ee argama. Kunis miirri ummaata Islaamaa haala gaariin wal- qabatee dhaabbiileen siyaasaa fi sirni bulchiinsaa gaariin akka uumamu taasisa. Akkasuma sangantaa paartilee siyaasaa bifa bu’a-qabeessa ta’een tartiibessuu fi hoggaantoota siyaasaa ciccimoo kayyoo fi safuuIslaamaa fiixaan baasuu danda’an nuuf horachuu danda’a.

Ummaata Islaama deebisanii ijaaruu keessatti dubbiin guddaan hawaasni Muslimaa dirqamaa fi mirga ofii beekee mirga filachuu, mirga amantii, mirga dalagaa, mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu bakkaa fi yeroodhaan osoo hin daangeffamne yoo qabaateedha. Akkasumas bu’uuraalee fi hubannoo amantiiIslaamaaQur’aana keessatti dubbatame irraa ka’uudhaan mirga da’awaa Islaama facaasuu yoo qabaateedha.

Keessattuu, wantoota namni Muslima ta’e kamiyyuu irratti wal-hin dhabne kan akka Rabbii,kitaabaa fi ergamaa isaatti amanuu, haqqummaa, wal-qixxummaa, ilma namaatti tola ooluun misoomaaf tattaaffii gochuudha. Wantoonni akka obbolummaa, wal-gargaaruu, itti gaafatamummaa ofii bayuu,

wabii bilisummaa jiruu fi jireenyaa beekuu, dirqama ofii hubachuu fi mirga dhala namaa eeguu, akkaasumas bifa kamiinuu haa ta'uu maalammaltummaa fi abbaa irrummaa diduu fi adeemsa miidhaa fi gosummaa balleessuun diiniin (amantiin)Islaamaa bifa gaariin dagaagee akkaa deemu taasisa.

sirna haaromsaa fi guddina dalagaa da'awaa fiixaan baasuuf waa hunda dura wanti barbaachisu yoo jiraate, dhaabbilee da'awaa fi dalagaa da'awaa ol'aantummaa mootummaa jalaa baasuudha. Kunis abbootin taaytaa fi gargaartonni isaanii aangoo isaanii ittiin jabeeffachuu fi qabeenyaa ummataa saamuun malaammaltummaa fi abbaa irrummaa diriirsanii akka amantii fi aadaa bareedaa isaa kana hin xureessineef.

Dhaabbileen da'awaa wanti adda dureedhaan isaan godhuu qaban yoo jiraate, dalagaa da'awaatiin ala waan biraa keessa seenuu dhabuudha. Nama dhuunfaas ta'ee paartiilee siyaasaa kamiyyuu maqaa da'awaatiin kana filadhu kana dhiisi kana dubbadhu kana bira tari jechuu hin daanda'an. Dhaabbileen da'awaa wanti isaan gochuu qaban miira Muslima hundaa fi lammiiwwan biyya ofii kabajuudhaan filannoo nama tokkoo keessa osoo hin seenne abbaan akka isaa toluu fi bu'aa isaa qabutti akka filatu; ofii isaatii akka murteeffatu dhiisuudha.

Kana irraa ka'uudhaan namni kamiyyuu lammii biyyaa isaa kana filadhu jedhee ajajuu hin danda'uu. Sirna filanno keessatti namni hundinuu wal-qixa. Haasofni marii sirna bulchiinsa ummata Muslimaa keessatti hoggantoota, beektota, hayyoota, ykn paartii siyaasaa murtaawaa ta'eef kan kennamee

mitii. namni hundi beekaas ta’ee wallaalaa, qabaataas ta’ee hiyyeessa, hoggantootas ta’ee hordoftoota osoo hin jenne nama hunda ilaallata.

Gaheen warra da’awaa as irraatti ummanni Muslimaa bu’uura, kayyoo fi sonaIslaamaa osoo irraa hin dabne qabachuu fi amantiiIslaamaa akkuma jirutti akka hordofan taasisuudha. Kunis kan ta’uu danda’u aangoo qabatanii ajaja dabarsuu osoo hin taane gama barumsaatiin hubannoo ummataa dabaluudhaani.

Wantoota siyaasaan walitti dhufanii fi sagantaalee isaa kan diini (amantii) irraa madde sun lammiileen biyyaa;kan Muslimaa fiMusliima hin ta’inii osoo hin jenne irratti walii galuu ni danda’au.As irratti garaagarummaan jiru maalii? yoo jenne, hawaasni Muslimaa sagantaalee siyaasaaamantii irraa maddan hojii irra olchuu keessatti akka bu’aa dhunfaa osoo hin taane akka amantaa isaatti fudhata. Sababa ummanni nama sagantaa siyaasaa isaa keessatti kijibu hin jaalanneef,hawaasni Muslimaa nama haqa jallissuu yoomiyyuu hin sodaatu

Seera dhimma dhuunfaa keessatti kan Muslimtoonni fi kiristaanonni irratti garaagarummaa qaban filannoo nama dhuunfaatiif dhiifama, amantii keessa nama dirqamsiisuun hin jiru. Namni hundinuu filannoo isaa irraa gaafatamaadha.

لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ ﴿٢٥٦﴾ البقرة: 256

*“Diin (amantii Islaamaa) keessa nama dirqamsiisuun hin jiru”( Al-Baqara:256).*

Osoo warri da’awaa gara Islaamaatti godhu bifa gaariidhaan amantiin Islaamaa amantii namummaati, amanta kabajaa fi mirga namaa eeguu, akkasumas amantii haqqummaa

fi wal-danda'uu ta'uu isaa qajeelatti ibsan ta'ee, filannoon namoota hedduu amantii islaamummaa ta'a ture. Sababni isaas kayyoon amantiiIslaamaa toltuu fi ilmi nama kabajaan addunyaa kana irratti ol'aantummaan jiruu ofii akka geggeessu waan of keessaa qabuuf. "yoo gaarii ta'es gaariidha, yoo badaa ta'es badaadha".[11]

إِنَّ ٱللَّهَ يَأۡمُرُ بِٱلۡعَدۡلِ وَٱلۡإِحۡسَٰنِ وَإِيتَآيِٕ ذِي ٱلۡقُرۡبَىٰ وَيَنۡهَىٰ عَنِ ٱلۡفَحۡشَآءِ وَٱلۡمُنكَرِ وَٱلۡبَغۡيِۚ
يَعِظُكُمۡ لَعَلَّكُمۡ تَذَكَّرُونَ ٩٠ النحل : 90

*(Rabbiin haqqummaa, tola ooluufi warroota fira dhiigaatiif haqa isaanii kennutti isin ajaja, akkasuma Rabbiin jechoota fi gochoota badaa, dangaa Rabbii fi namaallee darbuu irraa isin dhoowwaa; Rabiin isin gorsa akka isin yaadattanii fi gorfamtaniifi) (Al-nahil:90).*

Yeroo ammaa kanatti wanti amanuu qabnu yoo jiraatee of-ittummaan,kufaatiin, diqqeennii fi dadhabiini ummanni Islaamaa keessa jiru kun sababni isaa, rakkinna xiinxxallaa fi hubannoo Islaamaa sirrii ta'e irraa fagaachuudha. Akkasuma dadhabina wal'aansoo da'awaa keessatti godhamu xiqqaachuudhaani. Haalli kun dadhabbinna qarooma Islaamaa irra geessee jira.

Rakkoowwaan akkanaa warra maqaa amantiitiin uffata amantaa uffaatanii kijaba guddaa facaasuun hawaasa Muslimaa gowwoomsuun akka uumamu sababa guddaa ta'ee jira. Gara biraatiin akkuma seenaa fi ija keennaan arginuu fi argaa jirrutti

---

[11] -Al-xabraaniyy, Al-mu'ujam Al-kabiir, kitaaba dabre, kutaa 2ffaa, fuula: 171.

biyyoota Islaamaa hedduu keessatti maqaa amantiitiin qabeenya ummataa fi aangoo hawaasa bal'aa warri dhuunfatu akka umamaniif haala mijeessee jira.

## Ummanni Amaanaadha

Sirna bulchiinsaa fi siyaasaa keessatti, ummanni rakkoo abbaa irrummaa fi malaammaltummaa jalaa bilisa ta'uuf haggantoota ofii fi paartii siyaasaa isa bakka bu'u mirga ittiin filatu qabaatuu qaba. filannoon kunis ta'uu kan qabu gamnummaa, dandeettii fi sadarkaa barnoota hoggantootaa irratti hundayuun dirqama. Akkasumassagantalee siyaasaa paartiin sun qabu kan ummata tajaajilu fi hawaasaaf bu'aa buusu ta'uu isaa ummanni qajeelatti addaan baafatee beekuu fi hordofuu danda'uu qaba. bifa kanaan taanaan aangoon guutuun ummata harka waan jirtuuf yeroo barbaadetti hoggantoota siyaasaas ta'ee paartii isa bakka bu'u hawaasni yeroo gara yerootti ilaaluudhan jijjiiruu ni danda'a.

Akkasumas yoo ni jaalata ta'es paartiin duraan bulchu akka itti fufu sagalee haaromsaan mirkaneessuu ni danda'a. bakka kanatti gaheenda'awaan siyaasaa keessatti qabu ifatti bayee mul'atuu fi sirna marii Islaamaa irratti hundaayuudhaan dalagaa siyaasaa karaa qabsiisuun shoora guddaa taphata.

Hawaasni biyyoota guddatanii hoggantootaa fi bakka bu'oota isaanii ofiin filatan, nama aadaa, duudhaa, Kaayyaa fi kayyoo ummataa kabajuun dandeettii ol-aanaa fi qulqullummaan ummata tajaajiluu danda'uu dhiibbaa tokko

malee fedhii isaaniitiin filatu. Waan armaan olitti dubbanne kana fixaan baasuudhaaf dalagaan da'awaa bifa barnootaa fi hubannoo hawaasaa dabalu cimee itti fufuu qaba. filannoon ummataa sagantaalee, kayyoo fi sona paartiilee siyaasaa qofa irratti hin hundaayu Hoggantoota paartii siyaasaa saniis ni dabalata.

Akkuma beekkamu haggantoonni siyaasaa bu'aa ummataa eeguu fi sagantaalee paartiin kaaye gara hojiitti hiikuu keessatti garaagarummaa guddaa qabu. Akkasuma ilaalcha fuul-duraa fi rakkoo biyyaa hiikuu irratti dandeettiin isaanii wal-caala. Kanaaf ummanni amaanaa abbaa aangotaa fi mootummootaa irra jiruudha wanti jedhamuuf. kunis sababaalee malaammaltummaa fi abbaa irrummaa ittiin xiqqeessanii fi mootummoonni qabeenyaa fi diinagdee ummataa dhunfachuun ummata rakkoof akka hin saaxilleefi.

Malaammaltummaa fi abbaan irrummaa babal'achuun qabeenyaa fi diinagdee ummataa qisaasessuutti geessa. Kunis gama isaatiin dandeettiin ummaata akka qisaasa'ee rakkooleen hoji dhabdummaa, hiyyummaa fi beelli akka babal'atu godha. Akkasuma qulqullinni barnootaa hir'achaa dhufuun doofummaan faca'uun mirgi ummataa akka dhiibamuuf karaa bana.

Bifa kanaan amantii fi kaayyoleen isaa siyaasaa irraa addaan bayamanii laalamuu hin danda'an. Kanaafuu amantii Islaamaa fi siyaasaa addaan baafna yookiin gahee amantiin siyaasaa keessatti qabu xiqqeessina jedhanii yaaduun gonkumaa hin danda'amu.

## Paartiilee Garee Siyaasaa Jechuun Maali?

As irratti wanti addaan bayamee hubatamuu qabu yoo jirate, garaa garummaa miseensota paartii siyaasaa, hawaasa paartii siyaasaa, paartii dhunfaa fi paartiilee garee siyaasaati.

Jiruu dalagaa siyaasaa keessatti paartilee sirana sooshaalizimii, leebraalistootaa, kaapitaalizimii, fi paartiilee Islaamaatu jira. Hawaasni paartiilee kanneen akkamitti addaan baasee beekuu danda'a? paartiin siyaasaa kamiyyuu sagantaa mataa isaa fi kaayyoo ijaarameef yoo qabaatu, kayyoon isaa yaada bu'uuraa tokko irraa maddaa. Hawaasnis kana irraa ka'uun dandeettii fi ga'umsa paartii siyaasaa tokko beekee sagantaa isaa itti amanamummaa fi qulqullummaan gara hojiitti jijjiira jedhee yoo itti amane akka paartiin kun isa bakka bu'u ni filata.

Paartiin Islaamaas akkuma paartilee biroo kan beekkamuun kayyoo isaa ifatti yoo beeksiseedha. Kayyooleen kunniin bu'uura amantii Islaamaa kan ta'aniidha. Fakkeenyaaf: haqqummaa, wal-qixxummaa, wal-danda'uu, mirgoota dhala namaa kan akka mirga amantii, mirga siyaasaa, mirga fedhii fi filannoo ummataa eeguu fi kabajuu of keessatti qabata.

Kayyoon paartii Islaamaa yoo beeksifamu jalqabnii fi xumurri isaa qajeelatti ifa ta'uu qaba. seeraa fi heera biyyattii kabajuun bu'uraaleen amantii Islaamaa waan jiruu fi jireenya ibsan irraa ka'uudhaan kaayyoo paartichaa hawaasa Muslimaaf ifa godha. Jechoonni akka paartiin keenna kayyoon isaa guddaan seerota amantii Islaamaatiin bulchuudha, Mootummaa

Islaamaa ijaaruudha fi jechoonni k.k.f maalummaa paartii Islaamaa ifaan ibsuu hin dandeenne. Sababni isaas mootummaa Islaamaa ijaarree seerota amantii Islaamaatiin bulchina yoo jennee as irratti gaafii tokkotu ka'a, innis karaa (mazhaba) eennuutiin deemna? seera gareewwan kamiitiin deemnaa? fi kkf

Jiruu siyaasaa keessatti,beeksisa akkana kana baasuun rakkoo xumurri isaa hin beekkamne keessatti kufuu ta'a. Sababni isaas gareen kamiyyuu anatu karaa sirrii irra jira jedhee waan yaaduu fi hawaasas bifa kanaan amansiisuu waan danda'uuf. Paartiin Islaamaa karaa (mazhaba) tokko yoo filatee deeme kanneen hafan mormii isaanii ifatti baasani mormu, diinummaas jidduu jaraatti uumuu danda'a. kana biraa taree kufaatii fi rakkoolee seena Islaama mudatu hunda paartii siyaasaa kanaa fi namoota paartii kana hogganan itti gaafatamaa godhan. Itti gaafatamummaan kun sagantaalee paartiis ta'e waa'ee dhimma bulchiinsaan kan wal-qabatuu miti. Kanaafuu wanni akkanaa kun dogoggora guddaa fi faaydaa kan hin qabnee ta'uu isaa hubachuu qabna.

Miseensonni paartii fi hoggantoonni isaanii yaada, ilaalchaa fi kaayyoo paartii ibsuun dalagaa paartichaa hordofuudha. Hoggantoonni paartilee siyaasaa, hawaasa irraa wanti adda isaan taasisu, ummata bakka bu'uudhaan koree hojii raawwachiiftuu fi seera tumtuu keessatti filatamuun bu'uuraa fi kaayyoo paartii isaanii gara dalagaatti jijjiiruudha. Bakka buutonni kunniin kaayyoo paartiis ta'ee bu'uura isaa tokko dhiisuun ykn osoo gara hojiitti hin hiiknee bira taruu hin danda'an. Kanaafuu, hooggantoonni paartilee siyaasaa

sagantaalee biyya isaanii fi hawaasa isaanii fayyadan dalagaa irra oolchan. Yoo akkana hin taane ummata sagantaa paartichaa irratti hundaayuun bakka buutota ofii filate kana ganuu ta'a. paartiin siyaasaa sagantaa ofii gara hojiititti hin hiikin ummata biratti dhugummaa dhabaa dhufa, kunis marsaa filannoo itti aanuu irratti rakkoon akka isa mudatu taasisa.

Paartiin garee tokko bakka bu'ee, garee isaa saniin na filadhaa jedhee; filannoo booda fedhii hooggantoota paartii sanaa qofaan hin deema taanaan paartiin kun paartii kaayyoo hin qabnee fi ofuma isaatii of diiguudha. Bifa kanaan paartii aangoo barbaaduuf deemu malee paartii fedhii ummataa kabajee bu'aa ummaataaf buusuu deemuu miti. Kana Bira darbee bu'aa paartii ofiituu hin beeku jechuun ni danda'ama. Paartiileen akkanaa amanamummaa ummata irraa argachuus ta'ee sirna bulchiinsaa keessaa seenuuf ga'umsa hin qaban.

Halli armaan olittii dubbanne kun paartiileen biraas sagantaan isaanii, hoggantoota isaanii fi ilaalcha paartii ummata biratti akka hin amanamne gochuun warroota isaan dorgomaniif karaa bana. Wantoonni kuni yeroo ammaa kana warraaqsa gareewwan Islaamaa hedduu biratti mula'ataa dhufee jira. Dhimmi kun dafee yoo hin sirreeffamin paartiin bifa kanaan socho'u dalagaa siyaasaa keessaa baafamuun isaa hin oolu. Kunis abjuu paartichaa fi dalagaa gareewwan da'awaa osoo fiixa hin bayin akka hafu taasisa.

Seenaa keenna keessattis ta'ee seenaa warra amantaa biroo qabu keessaatti akkusuma gareewwan *akka maarkisii fi paartiileen siyaasaa isaan*ii keessaa ilaalcha qaban aangoo yoo

qabatan lolaa fi dhiiga malee irraa hin bu'an. Sababni isaas karaa sirrii irra jirra jedhanii waan yaadanii fi namni kuun karaa sirrii irra hin jiru waan jedhaniif. Yaada isaanii kanatti dabalataan mi'aa aangoo fi bu'aalee siyaasaa tokko tokko laalanii abbaan irrummaa fi malaammaltummaa akka babal'atu taasisan.

Paartiin siyaasaa kamiiyyuu ummata isaa fi miseensota paartichatti dabalamuuf deeman amantii fi gosummaan osoo addaan hin baafne kan wal-hin qixxeessinee fi mirga filuu fi filatamuu hin kennine, paartii gosummaa fi naannumman keessatti uumamuu fi paartii cufamaa ta'a.

Kana irraa ka'uun, warraaqsi garee Islaamaa dalaga da'awaa fi hubannoo namaa dabaluu irratti hedduu dalaguu isaan barbaachisa. Dhimma paartii siyaasaa warra siyaasaa ofuu barbaaduu fi dandeettii dhimma siyaasaa qabaniif dhiisuu qaba. yeroo ammaa kanatti heddummaachuun paartiilee siyaasaa Islaamaa gaariidha.Ilaalchi isaanii heddummaatus bu'uura amantii Islaamaa fi kaayyoo isaa irratti walii galu. Garuu dandeettii fi ilaalcha bu'aa ummataa eeguu keessatti wal-caaluu ni danda'u. Dhaabbileen da'awaa, paartii siyaasaa yookiin hoggantoota paartii siyaasaa kamiiyyuu cinaa dhaabbachuu hin qaban. Sababa isaa kutaalee darban keessattii qajeelatti ibsinee jirra.

Kana jechuun namoonni hedduun wal-gayanii paartii siyaasaa tokko biyya isaanii keessatti uumuudhaan, maalummaa paartii fi kaayyoo isaa ibsuun paartii Islaamaajedhanii moggaasuusu ni danda'u.Paartiin Islaamaa kun miseensota

amantiilee biroo kayyoo fi sona paartichaa ni kabajan taanaan of keessatti hammachuun rakkoo hin qabu. Inumaa karaan sirriin dalagaa siyaasaa ittiin oofuun danda’amu miseensonni paartii siyaasaa hawaasa biyya sanaa Muslimas ta’ee kiristaana yoo of keessaa qabaateedha.

Maalummaan paartii bu’uuralee amanataa Islaamaa akkuma ibsitu uumama namummaa, wal-danda’uu, wal-qixxummaa, mirga dhala namaa kabajuu, haqummaa fi haaromsa jiruu namaa ibsuu qaba. Paartiin siyaasaa miseensota isaa haala dandeettii isaanii fi tattaaffii isaan kaayyoo fi sona paartichaa fiixaan baasuuf deeman irratti hundayuudhaan aangoo fi ga’ee isaanii kennuu qaba.

**Muuxannoo Biyya Turkii Akka Fakkeenya Gaari**

Siyaasaa keessatti muuxannoobiyya *Turkii*wanti adda taasisu dhaabbata (*awqaafaa*) qofa siyaasaa keessatti hambisuunbarumsa amantii ummataa fi abbootii amantaatiif dhiisuudha. Muuxannoon garee warraaqsa Islaamaa biyya Turkii keessatti sadarkaalee adda adda keessa darbee as gayuu danda’ee jira. Jalqabni isaa gurmaa’inni dargaggoota Islaamaa walitti dhufanii paartii bu’uura amantii Islaamaa kabajuu fi mirga dhala namaa wal-qixxummaan ilaalu uuman. kanatti aansuun haqqummaa, wal-qixxummaa, walii yaaduu fi ga’umsa ol’aanaan bu’aa ummata bal’aa amantiin osoo addaan hin qoonnee kennan.

San booda miseensota amantii biraa hordofan horachuu danda’anii jiru. miseensota isaanii dandeettii fi ga’umsa

isaaniitiin madaaluudhaan tajaajila ummataa kaayyoo guddaa godhachuun dalagaa isaanii itti fufan. Yeroon booda paartii Islaamaa kana hawaasni *Turkii* sagalee ol'aanaadhaan filate. Sababni isaas mirga amantii fi da'awaa Islaamaa rakkoo tokko malee akka geggeefatan karaa waan bananiif. Akkasuma dhiibbaalee ummata Muslimaa irratti kanaan dura adeemsifamaa ture barbadeessuu fi miidhaalee turan hunda balaaleffachuun mirga isaanii diriirsaa ture.

Akka fakkeenyaatti: mootummoota duraan *Turkii*bulchaa turan birattii dubartoonni mataa ofii haguuggachuu hin danda'an ture. Paartiileen leebiraalistootaa sababa dubartoonii mataa ofii haguggataniif mirga bu'uura dhala namaa kan ta'e kan akka: mirga barachuu fi hojii mootummaa dalaguu dhabsiisaa turan.

Dirqamni guddaan warraaqsa da'awaa Islaamaa irraa eeggamu barsiisuu guddisuu fi waan gaariin akka ful-duratti dhufu hawaasa Muslimaa gammachiisuudha. Dalagaa siyaasaa warra ga'umsa qabu, dalagaa siyaasa dalaguuf nama fedhii qabuu fi lammiiwwan biyyaa siyaasaa dalaguu danda'an oomishuudha.

Hojiin siyaasaa wanta ilmi nama uumaadhaan itti yaaddayu ta'uu wajjiin, nama ga'umsaa fi qulqullummaan hawaasa biyya sanii bifa kamiinuu osoo addaan hin qoonne, mootummaa nama mara gayu uumuun Muslimaa fi kiristaana osoo hin jenne tajaajila ummata kennuu danda'u uumuudha.

Muxannoo siyaasaa biyya *Turkii*keessatti, shoora sochii warraaqsa garee *Nuursii*, dhaabbilee da'awaa garaagaraa fi garee *Golan* jedhamu , akkasumasgaree *manneen Qur'aana itti*

*haffazanii*yoo qajeelatti hin hubatin dogoggoruu ni dandeenna. Gareeleen kunnii rakkoo siyaasaa biyya isaanii keessa ture wajjiin akkasumas hariiroon osmaanonni Awurooppaa wajjiin qaban osoo jiruu; bu'aalee hedduu buusu danda'anii jiruu.

Osoo Addi warraaqsiIslaamaa xiyyeeffannoo isaanii da'awaa qofa gdhaniidalagaa siyaasaa dargaggoota ga'uumsaa fi yaada bilchaataa qabaniif dhiisanii kaayyoon da'awaa jaraan galma gayee ture. Kunis dargaggoonni paartiilee siyaasaa biraa wajjiin wal-dorgommii cimaa keessa akka seenan taasisa. Dargaggoonni kunniin yaada gaarii, ilaalcha bareedaa fi qulqullummaa hojii dhaabbilee da'awaa irraa argataniin biyya bulchu. Muuxannoon kun biyya *Turkiitti*hojii irra ooluudhaan bu'aa guddaa argamsiisee jira.

**Da'awaa Fi Sirna Haaromsaa**

Paartiileen Adda warraaqsa Islaamaa yaada bu'uura da'awaa osoo hin haaromsinee aangoo fi bulchiinsa irra geenna jedhanii yoo yaadan hedduu dogoggoranii jiru. Yeroo ammaa kana Rakkoon kuni kaallattiidhaan hawaasa Muslimaa hubaa jiran. Ragaan kanaa waggoota dheeraa darban irraa kaanee muxannoolee warraaqsa sochii Islaamaa*Turkiitiin*ala paartiin Islaamaa bifa walabummaa ofiitiinis ta'ee akka nama dhuunfaattii sirna bulchiinsaa keessatti hirmaatan yoo ilaalle, baay'ee kan nama gammachiisuu miti. Inumaayyuu akka walii galaatti nama naasisa ykn nama rifachiisa. Kunis sochiileen Islaamaa kunniin akka gufatan taasisuun deeggartoota isaaniis hamilee dhayee jira.

As irraatti dubbiin kun akka ifatti mul'atutti hoggantootaa fi ummanni bifa wal qixaatiin sababa rakkoo kanaa ta'anii jiru. Haggantoonni ilaalchaa sirrii fi filannoo adda addaa hawaasaaf hin kennine, keessattuu warroonni baratanii fi dalagaa siyaasaa sochoosaa turan, namoonni tokko tokkoo hanga ammaattii garaagarummaa ummata Islaamaa fi hawaasa warra dhihaa osoo addaan hin baafne sirna bulchiinsa isaanii dirreewwan wal-qixxummaa dubartii, sirna qabeenyaa fi barnootaa ajaa'ibsiifachuun muuxannoo kana gara biyya Islaamaatti fiduuf yaalii godhaa jiru. Kana irraa wanti dhufe sirna wal makaa; gubbaa irraan ilaalcha warra dhihaa qabuu fi keessaan aadaa fi duudhaa hawaasa Muslimaa ibsu akka uumamu taasisee jira. Walumaa galatti rakkooleen kunniin ummanni waggaa dheeraa dhiibbaa siyaasaa abbaa irrummaa fi malaammaltummaa jalatti akka kufu taasisee jira.

Haaromsa ilaalchaa fi da'awaa gochuun jiruu fi jireenya ummataa akka amantiin Islaama jedhuttii hojitti hiikuun filanno qarooma warra dhihaa ittiin dorgomaniin keessaa isa tokko. Warraaqsi gareewwan Islaamaa fi dhaabbileen da'awaa godhan dhimma kana irratti qajeelatti osoo dalaganii wantoota yaadan kan akka siyaasaa, barnoota, qabeenyaa, diinagdee fi kkf salphamatti bira gayuun ni danda'ama ture.

Dadhabinni keenna yaada laaqamaa hordofuu fi dalagaan da'awaa yeroo keenna kana keessa laafuudha. Ilaalchi nuti aqiidaa, jiruu fi jireenyaaf qabnus akka yaanni keenna dadhabu nu taasisee jira. Dhimmi nuti keessatti dadhabne kuni garuu sababa warri dhihaa nu jibbanii fi nu sodaataniifi. Osoo

nuti waantoota kana keessaatti jabaannee dalayne qaroomina keenna guddaa san deeffachuu ni dandeenna ture. Sababa nuti laafneef Warrii dhihaa yeroo amman kana lola wal-irraa hin cinne dhabbilee da'awaa fi warraaqsa sochiilee gareewwaan Islaamaa irratti oofaa jiru.

Wanti yeroo amma kanatti godhamuu qabu dhaabbilee da'awaa fi sochiilee isaanii karaa hundaanuu akka haaromsaa fi barnoota amantii babal'isuu irratti xiyyeefatan godhuudha. Kunis kan jalqabu maatii, manneen barumsaa, Masjiidaa, waldaalee hawaasa gara garaa fi dhaabbilee sab-qunnamtii keessatti xiqqaa fi guddaa osoo hin jenne bifa kayyoo fi bu'uura amantii Islaamaa cimsuun burumsa walitti fufaa ta'e kennamuu qaba.

Akkasumas dirreelee amala namaa, hariiroo, mirgaa fi dirqama hawaasa Muslimaa gara ilaalcha amantaa Islaamaatiin qabu ummaataaf ibsuun barumsikennamuu qaba. Ummannis wantoota kana bifa addaatiin irratti xiyyeeffatee dalaguu fi barachuu qaba.

Ummanni *Yahuudaa* xiqqaan warraa dhihaa irraatti ol'aantummaa argachuu kan danda'aniin xiinxallaa barumsaa fi hubannoo waan qabaniifi.Akkasuma dhaabbilee barnoota ol-aanoo, dhaabbilee sab-qunnamtii, dhaabbilee mallaqaa fi diinagdee toa'achuu waan danda'aniif. Kunis dubbii asii achi haquu fi laaquun, hoggantoota siyaasaa mallaqaan bitanii ummata gowwomsuun biyyoota addunyaa gara garaa keessatti dhaabbilee bulchiinsaa too'atuuf haala isaanii mijeessee jira. Sana booda wal-mormii siyaasaa fi lola biyyaa fi hawaasa

isaanii hin fayyannetti harkisuun rakkoolee siyaasaa fi hawaasummaa addunyaa irratti facaasanii jiru.

Dubbiin kuni akka isaan yaachise pirezidaantiin *Ameerikaa* duraanii *JiimiiKaartar* akkas jechuun dubbatani " siyaasaa biyya kiyyaa, bu'aa hawaasa keenna kan eegdu osoo hin taane bu'aa biyyaa Israa'eel eegdi" jedhan. Innis kana jechuu kan danda'ee yeroo ammaan tana siyaasaa dalagaa waan hin jirreef malee silaa ergamtoota isaanii itti kaasuun fincila akka irratti uuman beekkamaadha. Bifuma wal- fakkaatuun muummichi ministeera *Maliiziyaa* duraanii *Dr Mahaadiir Muhaammad*fi hayyoonni biroos ol'aantummaa yahuudaa kana ifatti baasanii saaxilanii turan.

Qorannooleen biyyoota arabaa irratti dalagaman gariin akka ibsanitti hawaasni biyyoota Arabaa bu'uura amantaa Isalaamaatitti ni amanu. Garuu haalaa fi amalli isaan jiruu fi jireenya isaanii keessatti argisiisan fallaa kanaati. Hiikkaan dubbii kanaa wallaalumaa ta'uu ibsa. Sababni isaas hubannoonamantiiIslaamaababal'isuu irrattis ta'ee yaada yeroo gara yerootti haaromsuun dadhabina jiru ifatti baasuudhaan carraa jirutti fayyadamuu irratti hanqinni guddaan waan jiruufi. Gara biraatiin, haasawa abbootiin taaytaa amantii itti layxee; bu'aa ofiitiif godhan irraa bilisa ta'uu waan hin dandeenneefi.

Dhaabbileen da'awaa walabummaa sagantaa fi dalagaa da'awaa irrattii qabaatanii milkaayuun isaanii milkii ummata Islaamaa dalagaa siyaasaa, qabeenyaa, guddina diinagdee fi qaroomina horachuu keessatti qabaniif bu'uura guddaadha. Kuni karaa Rabbiiti.

وَلَن تَجِدَ لِسُنَّةِ ٱللَّهِ تَبۡدِيلٗا ﴿٦٢﴾ الأحزاب : 62

*“Karaa Rabbiitiif jijjiiramni hin jiru”(Al-Ahzaab:62).*

إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُغَيِّرُ مَا بِقَوۡمٍ حَتَّىٰ يُغَيِّرُواْ مَا بِأَنفُسِهِمۡۗ ﴿١١﴾ *الرعد: 11*

*“Rabbiin waan namni keessa jiru namaa hin jijjiiru hanga namni of jijjiirutti”(Al-Ra’ad:11).*

kanaafuu da’awaa ammas da’awaa ammas da’awaa ammas da’awaa nama jijjiiramaa fi hoffoltii barbaadeef.

## Garaagarummaa Bulchiinsa Islaamaa kan Ummataanii fi Bulchiinsa Liibiraalistootaa Jidduu Jiru

Hubannoonlebraalistii amantii fi sirna bulchiinsa siyaasaa addaan baasuu jedhu, hubannoo Islaama biratti fudhatama hin qabneedha. Sababni isaas duuba jecha kanaa amantii irraa fagaachutti nama geessa. San booda Islaamummaa irraa bayuun haalaa fi amalli hawaasaa akka badu taasisa.

Yaanni hawaasummaa warra dhihaa biratti beekkamu yaada leebraalistii, amantii fi sirna bulchiinsa siyaasaa addaan baasuu jedhu kana qofa hin ibsu. Keessumaayyuu Aworooppaa keessatti lebraalistii hawaasaa jechuudha. Sirni qabeenya isaan hordofanii kaapitaalizimiis ta’ee, soshaalizimii; hawaasni lebraalistii ta’uu qaba jedhanii amanu.

Guddinni libiraalistoota Aworooppaa keessatti kan jalqabe ummanni malaammaltummaa fi abbaairrummaa mana amantii kiristaanaa dadhabuun bu’aa fincila yeroo san ka’eeti. Aworooppaa yeroo dheeraaf abbootii amanitii kiristaanaatu bulchaa ture. Abbootiin amantaa aangoolee siyaasaa erga

qabatanii ummata isaanii tajaajiluu dhiisuun malaammaltummaa fi abbaa irrummaa babald'isaa turan. Ummanis haala kana dadhabuun fincila kaasee abbootii amantaa aangoo irraa fageessuun gaheen isaan siyaasaa keessatti qaban xiqqaataa dhufuun tajaajilli isaan hawaasaaf kennan hin jiru ture.

Sababni isaa ga'een isaanii fincila booda salaataa fi amantii laaqamaa fi haqamaa qofa barsiisuu ta'ee hafe. Dhimmi kun hariiroo namaa fi hawaasummaa jiddutti bakka duwwaa uumuudhaan namoonni hedduun jiruu ilma namaa irraa gara jiruu beeyladaatti jijjiramuu danda'ee jira. Jechuun ni nyaata ni dhuga ni rafa fedhii saalaa ni guuttata ni ka'a ni deemaa akkuma beeyladni dalagu jechuudha. Kaayoon amantii inni jiraatuuf hin jiru jechuudha.

Abbootii amanti kiristaanaa Awurooppaa keessaatti dalagaa amantii isaaniif ta'uu akka dalagatan bilisummaa kennameefii ture. Garuu gaheen isaan jiruu fi jireenya namaa keessatti qaban ni jira jedhanii waan dubbatanii miti. Kanaaf irra caalaan hawaasa warra dhihaa karaa amantiitiin bakka duwwaan uumamuun jiruu isaanii kaayyoo tokko malee akka jiratan taasise. Bu'uurri seera jiruu fi jireenya ilma namaaAwurooppaa keessatti kan irraa fudhatamu nama dhuunfaati.

Wanni tokko dogoggoraa fi sirrii ta'uun kan madaalamuun fedhii namootaatiini. Kanaaf nama gaarii fi badaa, qajeelaa fi jallataa beekaa fi wallaalaa karaan ittiin addaan baasaniin hin jiru. Kana jechuu isaan amantii hin qaban jechuu miti. Bu'uura amantii wal-qabataa ta'ee fi hubannoo jiruu ilmaa namaaf mijaayuu hin qaban jechuu keenna. Kanaafuu, fedhii fi

hawwiin isaaniittu isaan sochoosa, yaadni sirrii fi sobaas fedhii isaanii irratti hundaaha. Kanaaf Rabbiin akkana jedha:

إِنۡ هُمۡ إِلَّا كَٱلۡأَنۡعَٰمِۖ بَلۡ هُمۡ أَضَلُّ سَبِيلًا ﴿٤٤﴾ الفرقان: 44

*“Isaan akka beeyladaati, inumaayyuu beeylada caala jallatoodha”, (Al-furqaan:44).*

Bu’uura amantii dhabuun warra dhihaa, hawaasni Awurooppa heera ittiin bulmaata gamtaa Awurooppaa fi qabiyyee isaa keessatti bu’uura aadaa amantii kiristaanaa jedhamee akka hin bareeeffamne didanii turan.

Haalli yeroo ammaa Awurooppaa keessa jiru rakkoo amantii fi sayaasaa addaan baasuu (*seekularizim*ii)qofa osoo hin taane Rakkoo seekularizimii qabeenyaa fi diinagdees ni dabalata. Rakkoo amantii dhabuu hawaasaa, maatiin diigamuu, dhiibbaa ummata irratti babaldhachaa dhufuu fi rakkoolee hawaasummaa hedduuf adda dureedhaan kan itti gaafatamu libiraalistoota. Sirni bulchiinsa amantii Islaamaa; sirni bulchiinsa lebraalistootaa warra dhihaa wajjiin wal-fakkaataa?

Hubannoowwan armaan olitti dubbanne kanneen hawaasa Muslimaa biratti rakkoolee adda addaa waan uummuuf addaan baafnee ibsuun dirqama keenna. Sababni isaas yaada armaan olii keessatti wal-mormii fi wal-dhabbiin dameelee hawaasa keessatti beekanis ta’ee osoo hin beekne uumamuu ni danda’a. kuni immoo marii hawaasaa fi hariiroo walitti dhufeenya ummataa dhabamsiisa.

Sirni bulchiinsa seekularizimii warra dhihaa siyaasaa fi qaamolee abbootii taaytaa dameelee amantii kiristaanaa hunda irraa addaan baasuudha. Kanaafuu hubannoon kun ummata

Islaamaa biratti kan beekkameen seekularizimii jechuun maalummaa amantii Islaamaa fi Islaamummaa dhabamsiisuu jechuudha.

Kana irraa ka'uun dameelee hawaasa adda addaa biratti wal-mormii maalummaa ofii, amantii ofii, aadaa fi duudhaa ofii, qaroominaa fi hambaalee qaroominaa ofii raggaasisu akka uumaman taasisa. Irra caalaan wal-mormii kana wal-mormii faayidaa hin qabnee fi hubannoo gahaa dhabuu irraakan dhufeedha.

Wanta hunda dura wanti ifa godhuu barbaachisu amantii jechuun maal jechuudha? Aamantii yoo jennuu, amantiiwwaan kanaan dura darban kan akkaa amantii yahuudaa fi kiristaanummaa jechuu keennaa? Hubannoo Yookaan hundeen amantii jechuun gahee inni jiruu ilma namaa keessatti qabu jechuudhaa? Yookaan ilaalcha namni uumaadhaaf qabu fi hiikkaa jiruu kan ibsuu jechuudhaa? yookaan kaayyoo ilmi namaa maalif akka jiraatu tan ibsitu jechuudhaa?

Kana irraa ka'uudhaan yeroo ammaa tanatti amantiinbiyyoota dhihaa amantii kiristaanummaatii miti. Jiruun warra dhihaa kan bu'uura godhattu bu'aa mallaqaa fi tajaajila dhuunfaati. Kuni immoo seera jiraatotaa bineensota bosonaati. Kan humna qabu; kan humna hin qabne nyaatee jiraachuu jechuudha. Kuni immoo ilaalcha amantiin Islaamaa uumaa fi namummaaf qabduun wal-faalleessa. Bu'uurri amantiiIslaamaa haqqummaa daangaa hin qabneedha.

لَّا يَنْهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ لَمْ يُقَٰتِلُوكُمْ فِى ٱلدِّينِ وَلَمْ يُخْرِجُوكُم مِّن دِيَٰرِكُمْ أَن تَبَرُّوهُمْ وَتُقْسِطُوٓاْ إِلَيْهِمْ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلْمُقْسِطِينَ ﴿٨﴾ الممتحنة: 8

*“Rabbiin warra sababa amantiitiin isin hin waraanin fi manneen keessan keessaa isin hin baasiniif tola itti ooluu fi wal-qixxuummmaan waliin jiraachuuirraa isin hin dhoorgu, dhugamatti Rabbiin warra haqa dalagan jaalata” (Al-mumtahinaa:8).*

وَلَا يَجْرِمَنَّكُمْ شَنَـَٔانُ قَوْمٍ عَلَىٰٓ أَلَّا تَعْدِلُوا۟ ۚ ٱعْدِلُوا۟ هُوَ أَقْرَبُ لِلتَّقْوَىٰ ۖ ﴿٨﴾

*المائدة: 8*

*“Jibbaan tuutaaf qabdan haqa hojjachuu irratti isin hin ittisin. Haqa hojjadhaa;isatuu soda Rabbiitti dhihoodha”.(Al-Maa’ida ;8)*

Leebiraalistoonni gara dirree jiruu hawaasummaatti, seeraa fi adaba namumma irra tarkaanfachuun hawwii isaanii fi fedhii saalaa guutachuu irratti xiyyeeffatu. Kuni immoo mirga ofiitiin waan barbaadan dalaguun bu’uura aadaa namummaatiin waan wal-diigutti nama geessa. Kuni mirgaa osoo hin taane tasgabbii hawaasummaa dhabsiisuudha. Seenaalee darban kan Qur’aanni ibsu irraa akka hubannutti dhimmoonni akkanaa kunniin kufaatii hawaasaa fi qaroomina adda addaatiif sababa ta’anii argamanii jiru. Akka fakkeenyaatti: ummata Nuuh, ummata Shu’eeybi, ummata Luuxii fi kan biroos kaasuun ni danda’ama.

Leebraalistoonni gara dirree diinagdee keessatti yaanni isaanii guddaan bifuma kamiinuu haa dhufuu mallaqa irratti

xiyyeeffata. Kuni immoo wal’aansoo ummata jiddutti uumuun inni humna qabu kan humna hin qabne nyaata, hubannoon kun hubannoo sirna kaapitaalizimiiti.

Ummatoota dhihaatiif amantii yookiin amantiiwwan yoo qabaatan, ummanniIslaamaas amantii qaba. kanaaf ummani Awurooppaa *Turkiyaan* akka gamtaa Awurooppaatti hin makamne maaliif akka didan hubachuu ni dandeenna. Biyyi *Turkii* biyya karaa diimokraasii hordofuu fi guddina qabeenyya gaarii galmeessitedha.Akkasumaa sirna bulchiinsaa, taaytaa fi sangantaalee siyaasaa, amantiin, dhaabilee da’awaa fi dalagaalee isaaniiwarra da’awaatii dhiisuudhaan siyaasaa irraa addaan baasanii turan. Walumaa galatti rippooblika sekulaarizimii diimokraatawaa taatee turte. Kanuma waliinuu biyyi *Turkii*gamtaa Awurooppaa keessatti miseensa akka hin taanee didanii jiran.

Akkasuma ummata Muslimaa Awurooppaa keessa jiraatan akkamitti dhiibbaan irratti akkaa godhamus hubannee jirra. Wantuma amantii fi aadaa isaanii keessatti mirga jedhanuu akkatti dhoorgan argaa jirra. Fakkeenyaaf: sirna uffannaa yoo fudhannee mirga dhuunfaati. Abbaan akka isaa ta’utti uffachuu mirga qaba. Garuu biyyoonni tokko tokko uffannaa Islaamaa kan akka niqaabaa fi hijaabaa ni dhoorgu. Biyyooni biroo ammoo utubaan bilbila mana amantaa kiristaanaa hedduu dhaabbatee osoo jiru, minaaraan Masjiidaa akka hin ijaaramne dhoorgan. Inumaayyuu sababa aadaa keennaan wal-hin ginneef jedhanii Qura’aana qara’amuu dhoorgan. Isaani sirna bulchiinsaa, taaytaa fi sangantaalee siyaasaa, amantii irraa adda

baasuu yoo jedhan bu'uura jiruu hawaasummaa akkaa hin taane ni beekan.

Islaamummaan amala gaarii fi bu'uura jiruu namaa ta'uu isii qajeelaatti beekan. Kanaafuu amantii Islaamaa hawaasa isaanii irratti jijjiirama fiduun dalagaalee isaanii xixoqqoo amala namaa baleessaanii fi bu'aa isaan dharaan buufata nu jalaa dhabamsiisa jedhanii waan sodaataniif amantii Islaamaa kana jibbu.

Wantoota armaan olitti dubbanne kana bifa gaariidhaan yoo hubanne maaliif sirna bulchiinsa Islamaa, sirna bulchiinsa hawaasaati akka jenne ifa. Sirni bulchiinsaa kamiyyuu kan ijaaramuu qabu fedhii ummataa irratti. Akkasumas mirga

لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ ﴿٢٥٦﴾ البقرة: 256

*"Diinii (amantii Islaamaa) keessa nama dirqamsiisuun hin jiru" (Al-Baqarah 256)*

jedhu kan of keessatti hammate ta'uu qaba. Mirga da'awaa kun haqqummaa, tola walitti ooluu fi wal-qarqaaruu irratti xiyyeeffatee hawaasaafis mirgoota kana eeguu qaba. Dalagaa da'awaa abbootiin taaytaa fi sirni bulchiinsaa harka keessaa qabaachuu hin qaban. Sababni isaas; dhabbilee siyaasaa fi sirna bulchiinsa hawaasaa, dalagaa isaanii abbaa irrummaa fi malaammaltummaa irraa fagaatanii akkaa dalaganiifi.

Amantiin Islaamaa gaariin tuni qulqullummaa fi dhaabbilee isii bifa barbaachisuun yoo ijaarameef; doonii hoffoltii ilma namaati. Kunis haala yeroo fi bakkaa hubachuun; gufuun adda addaa isii dura dhaabattu akka injifatu taasisa.

Hubannoon sirna bulchiinsa Islaamumma hawaasaa (islamic civilian rule) jedhu; jecha sirni bulchiinsa muslimaa ittiin moggaafamuu qabuudha. Osoo sekulaarizim jedhee of moggaasees kan beekkamuu qabu sekulaarizimii amala gaarii fi haqa namummaa of keessaa qabu jedhamee hubatamuu qaba. sirna bulchiisa Islaamaa keessatti sekulaarizim yoo jennuu abbootii taaytaa fi sirn bulchiinsaa, dalagaalee da'awaa fi dhabbilee isaa irraa fageessuu jechuu keenna. As irratti hubatamuu kan qabu, Islaamummaa keessatti amalli gaarii fi bu'uurri jiruu ilma namaa yoomiyyuu kan addaan hin baaneedha. Kanaafuu nama Muslimaa tokkotti itti gaafatamummaan jiruu itti dhagahama. Jechi sirriin sirna bulchiinsa Islaamaa ittiin ibsuu dandeennuu sirna bulchiinsa Islaama hawaasaati kan hawaasa jiddu-galeessa gdhate jedhuudha.

Qabiyyeen amala gaarii Islaamaa kan ummanni Islaamaa qaban, yeroo ammaa kana wantoota adda addaatiin laaqamee jira. Laaqamni kuni imaammata, dhaabbilee barnootaa fi xiinxallaa islaamummaa irratti rakkoo uumuun yaadaa fi amala gaarii ummata Islaamaa addaan baasee jira. Garuu sochiin ummaani Islaamaa yeroo irraa gara yerootti godhu hubannoon kunniin akka jijjiiramu godhaa jira. Kunis karaa dhugaa qabachuun qaroomina ummata Islaamaa kanaan dura darbe san deebisuun gara balbala guddinnaa fi dagaaginaatti ni jijjiirama abdii jedhutu jira.

Kanaaf jechii filatamaan hawaasa Islaamaatii fi sirna siyaasaa isaatii ta'u sirna bulchiinsa Islaamumma hawaasaati

Jedhuudha. Jechuun dhabbata da'awaa, barumsa amantaa fi sirna bulchiinsaa addaan baasuu jechuudha. Addaan baasuu yoo jennuu abbootiin taaytaa amantii da'oo godhachuun ummata gowwomsanii akka ol-aantummaa siyaasa hin argannee fi bu'uura amantii Islaamaa xureessuun qabeenya ummataa dhuunfatanii abbaa irrummaa fi malaammaltummaa akka hin babaldhifneefi.

Akka yaada kiyyaatti hawwasni Muslimaa rakkoo keessa jira. Kunis da'awaa fi siyaasa addaan baasuudhaan kufaatii xiinxalla Islaama muudate sireessuudhaan furama. Rakkoon sirna bornoota Islaamaa sababa barsiisonni saayinsii hammayyaa hin beekneef muudate hedduutu jira. Saayisii ammayyaa keessa dhugaa uumaa tanaa fi barnoota hawaasummaa hammayyaa kan warra dhihaa irraa adda ta'e amantii Islaamaa keessa jiruu basanii kennuu dadhabuu jaraati.

Fakkeenyaaf: barnoota aqiidaa Islaamaa fi amala gaarii akkasuma jaalala Rabbii, sammuu ijoollee da'immanii keessa kaayuun da'imummaa isaani irraa amantii Islaamaafi Rabbiin jaalataa akka guddatan taasisuun ni danda'ama ture. Nu biratti kan barame ijoolle sodaachiisuun hawwii fi fedhii isaani keessatti ajjeesuudha.

وَٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ أَشَدُّ حُبًّا لِّلَّهِ ﴿١٦٥﴾ البقرة: 165

*"Warri Rabbitti amane waa hunda caala Rabbiin jaalatu" (Al-Baqarah:165)..*

Islaamtotaa fi paartiilee isaaniitiif wantii barbaachisu guddaan; ummanni nama isaa bulchuu ofiin akkaa filatuu

taasisuuf qabsoo isaanii itti fufuu qabu. Kunis paartiileen heddummaachuun aangoo kara nagayaatiin wal-irraa fuudhuu danda’uu qabu. kunis itti amanamummaa ummataa irraatti hundaaya. Paartiin siyaasa kaayyoo kanaan ala bayu dura dhaabachuun; isa saaxileessuun kara seeraatiinis ta’ee kara mijaahu hundaan sagantaa isaa mormuun dhaabbilee siyaasaa biroo wajjiinis ta’uun amantii Islaamaaf karaa banuun kabajaa ilma namaatii fi wal-danda’uun haqummaa fi wal-qixxummaa akkasuma amala garii hawaasatti mul’isuun tajaajila ummata bal’aatii fi namummaatiif dhaabachuun dirqama.

## Xumura:

Jiruu fi seenaa siyaasaa ummata Islaamaa keessatti wantoota wal-xaxan hedutu jira. Hariiroon jidduu siyaastotaa, beektota amantaa , hayyootaa fi mootummaalee jiruu wal-makaa fi wal-xaxaadha. Hariiroo kana irraa yeroo hedduu bu’aa mallaqaa fi amala gaarii dhabuu irraa kan ka’e abbaa irrummaa fi malaammaltummaatu uumama.

Jechoota Qur’aana keessa jiran tokko tokko jallisani hiikuun, bulchaa biyyaa akka waan Rabbiin isa filatee fi maqaa Rabbiitiin kan dubbatu taasisutu argama. Sababa kanaaf, dhaabbilee da’awaa fi siyaasaa addaan baasuun bu’aa hawaasa bal’aa ta’ee argamee jira. Akkasumas, hubannoo mootummaa Islaamaa jedhus osoo hayyoota amantaa Islaamaa dhaabbilee da’awaa fi warra da’awaan dhaabatan, abbootii amantaa muuxannoo siyaasaa qaban fi gorsa isaanii of irraa hin fageessine mootummaa Islaamaa jabaa ijaaruu danda’uudha. Kaayyoon nuti dhaaba da’awaa fi siyaasaa addaan baafnuuf; gahee isaan irraa eeggamu dhiibbaa abbootii taaytaa malee bifa gaariin akka bayaniif. Yeroo hedduu abbootiin taaytaa amantii Islaamaa dawoo godhachuudhaan tajaajila ofiitii fi warra isaan waliin dalaguutiif oolchni.

Abbaan irrummaa fi malaammaltummaa babal’achuu kan danda’e yeroo jechoonni siyaasaa hawaasni bal’aan bakka lamatti akka qoodamu taasisaniidha. Abbootiinsiyaasaa carra kana fayyadamanii ummata amansiisuun abbaa irrummaa fi malaammaltummaa isaanii diriirsuu danda’anii jiru. Dhaabbileen mootummaa hawaasa tajaajiluu danda’an

dhabamuun, mirgi ummata akka dhiibamu taasisee jira. Kunis akka hubanno *Ibnu Kalduunitti*; deebisani ijaaruu fi hubannoo haaromsa amantii, sammuu fi muxannoolee darban kan hariiroo dhaabbata da'awaa fi abbootii siyaasaa ibsan irraa fudhachuun sirna bulchiinsa hawaasaa Muslimaa dhaabuu danda'uudha. Hariiroon ummataa fi mootummaa jidduu jirtu wal-madaaltu akka taatu. Ummanni abbaa taaytaa fi burqaa aangoo ta'uu qaba malee, fedhii mootummaa fi hawwii isaan fiixaan baasuuf kan deemu ta'uu hin qabu. Kanaaf mootummaan ummata jiraattota kabajamoo biyyaa sanii akka ta'aan beekuu qaba.

***Rabbii akka nu milkeessuu fi nu qajeelchu kadhanna; inni kadhaa namaa dhagayaa fi awwaataadha***

# KITAABNI KUN

*Kitaabni kun seenaa Islaamaa keessatti rakkoolee abbaa irrummaa fi malaammaltummaa dhufan xiinxala. Barruu kana keessatti, Pirofeesar Abdul Hamiid wal-hubachuu dhabuu ummata Islaamaa fi rakkoo haaromsaa arge jedha.*

*Furmaanni jiru, mormiiwwan sirna abbaa irrummaa fi malaammaltummaa irratti dargaggoonni Muslimaa godhan tumsuun, dhaabbileen da'awaa fi barsiisummaa bilisaan socho'uu danda'an jedha. Nabiyyiin (SAW), daa'ii fi barsiisaa, hogganaa fi ijaaraa biyyaa ta'anii tajaajilaa turan. Amma garuu ga'een daa'ii fi barsiisaa gahee bulchiinsaa fi dhaabbilee siyaasaa irraa adda bayuu qaba.*

*Yeroo kaliifotaa sana gaheen hunduu kan milkaa'eef qulqullummaa fi wal-qixxummaan waan tureefi. Achi booda garuu, hoggansi gosummaa heddummaatee qaroomas, Islaamas kuffise. Qajeelfama Qur'aanaa hordofuun dirqama; dhimmi hawaasummaa gahee bulchiinsaati. Amantii Islaamaatiin ala sirnooni hunduu amallan gadhee fi naamusa dhabuu akka Aad, Samuudii fi Luuxiitti geessu. Kanaafuu, ilaalcha haaromsaa sirna ittiin bulmaata ummataa fi hawaasa Islaamaa ijaaruun bu'aalee teknoolojii dargaggoota Muslimaa huban irra deebiin ilaaluunis dirqama ta'a jedha.*

*Kana gochuuf kallattii hoggansaa kaayuu, da'awaa fi siyaasa adda baasuu, amaanaa ummataa guutuu, paartilee siyaasaa haqummaa fi walqixxummaa eegan tumsuu, mirgoota dhala namaa kabajuu, fi muuxannoolee gaggaarii biyyoota akka Turkii irraa fudhachuun fedhii ummataa guutuun sirna bulchiinsa Ismaalaa ibsa. Amantii Islaamaa keessa nama amansiisuu malee dirqamsiisuun hin jiru waan ta'eefi jedha.*